INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QO'ANNOO SEERAA OROMIYAA

RAAWWANAA TOOFITAA SAFFISA ADEEMSA FALMII YAKKA (RTD):

Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa

Qopheessaan: Kom. **Mulugeetaa Abdataa**

Waxabajii, 2002

Adaamaa/ILQSO

RAAWWANAA TOOFITAA SAFFISA ADEEMSA FALMII YAKKA (RTD):

Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa

Qopheessaan: Kom. Mulugeetaa Abdataa

Waxabajii, 2002

Adaamaa/ILQSO

Baafata

MATA DUREE **BOQONNAA TOKKO** **FUULA**

1. .....Y

AADA KA'UUMSAA QO'AANNOO.....1

.....

.....

1.1. .....S

eensa 1

1.2. .....H

ima Rakkoo 2

1.3. .....K

aayyoo Qo'annichaa 3

1.4. .....F

ayyadamtoota Qo'annichaa..... 4

1.5. .....M

ala Qo'annoo Daangaa Qo'annoo..... 4

1.6. .....D

aangaa Qo'annoo 6

1.7. .....H

ir'ina Qo'annoo 6

1.8. .....G

urrumaa'ina..... 7

BOQONNAA LAMA

2. .....M

AALUMMAA, SADARKAA TSAFY NAANNOO OROMIYAA FI MUUXANNOO BIYYOOTA BIRAA 8

2.1. .....M

aalummaa TSAFY..... 8

2.1.1. .....T
SAFY Fi Dhagaha Falmii Idilee 11
2.1.2. .....T
SAFY Fi Dhagaha Falmii Walirra Hin Citine 13
2.2. .....T
SAFY Fi Muuxannoo Biyyoota Biraa 14
2.2.1. .....B
iyya Faransaay 14
2.2.2. .....B
iyya UK 17
2.3. .....G
araagarumaa TSAFY Naannoo Keenyaaf kan Biyyoota Biroo Jidduu Jiru 18
2.3.1. .....T
SAFY Naannoo Oromiyaa fi kan Biyya Faransaay 19
2.3.2. .....T
SAFY Naannoo Oromiyaa fi kan Biyya UK 23

BOQONNAA SADII

3. .....R
AAWWANNAA TSAFY: HAALA QABATAMA NAANNOO OROMIYAA 26
3.1. .....M
irga Himatamaa Fi TSAFY 26
3.1.1. .....M
irga Wabii 28
3.1.2. .....M
irga Abukaatoo Filate Mariisisuu 29
3.1.3. .....M
irga Himannaa Fi Ragaa Itt Dhiyaate Dhursee Argachuu 31

3.1.4. ..... M
irga Ragaa Ittisa Issaa Dhageesifachuu 32
3.2. ..... H
anqinnoota Raawwii Keessatti Mul'ataaniif Sababa Isaa 33
3.2.1. ..... D
habamuu Ulaagaa Fi Faayidaa Isaa 35
3.2.2. ..... G
almee Qorannaa Irratti Hanqina Mul'atan 35
3.2.3. ..... H
anqina M/Murtii Biratti Mul'atan 36

BOQONNAA AFUR

4. ..... G
UDUUNFAA FI YAADA FURMAATAA (CONCLUSION & RECOMMENDATION) 38
4.1. ..... G
uduunfaa 38
4.2. ..... Y
aada Furmaataa 42
- ..... M
addawwan
- ..... T
arree Kitaabootaa fi Barreefamoota Waabii
- ..... T
arree Maqaa Namoota Gaaffii Afaani
- ..... G
aaffii Barreefamaa
- ..... G
aaffii Afaanii

BOQONNAA TOKKO

1. YAADA KA'UUMSAA QO'AANNOO

1.1. Seensa

Sirna bulchinsaa haqa yakkaa kamiiyyuu irratti amantaa ykn abdii qabaachuun kan danda'amu, cimina sirnichii yakkamaa itti adabuu fi isaa qulqulluu ta'e ammoo bilisa baasuu itti danda'uu irratti kan hudaa'e fi haala saffisa ta'een kan hojjatu yoo ta'edha.[1] Kana godhuuf ammoo adeemsi dhagaha falmii yakkaa hojiirra jiru kaayyoo sirna bulchinsa haqaa yakkaa kanaa galmaan ga'uuf haala kan mijeessuu yoo ta'edha.

Dhagaha falmii yakkaa haala saffisaa ta'een hojiirra olchuuf adeemsi seera deemsa falmii yakkaa kan nu gargaruu ta'uullee,[2] sababa barmaatilee irraa kan ka'e adeemsi isaa harkifataa fi nufisiisaa ta'e jira.[3] Kanaaf, Mootummaan rakkoo kana furuuf jecha bara 2000 irraa eegalee tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakka hojiirra akka ooluu godhee jira.[4]

Tooftaan saffisa dhagaha falmii yakkaa haala qindaa'ina qabuun osoo hojiirraa inni ooliin duraa yakka guyyaa amnataa gulubii qabir'elii raawwatamu to'achuuf jecha tooftaan kun faayidaa irra akka ooluu godhame jira.[5] Kaayyoon tooftaa kanaas gochi yakkaa bakkee sanatti kan raawwatame yoo ta'e adeemsa gabaabaa ta'een murtii itti kennuuf yaadamee akka ta'e ifaadha. Dhimmichii haala kanaan kan hin xumuramne yoo ta'e uummanni bakka garagaraa irraa kan dhufee waan ta'eef beellamni kan kennamuu yoo ta'e, yeroo biraa dedeebi'uuf baayee rakkisaa waan ta'uuf tooftaa kanaan fayyadamuun murteessaa ta'e jira. Sana dura garuu, tooftaan kun biyyoota garagaraatiin hojiirra oolee jira. Fakkeenyaaf, Faransaayi[6] bara 1983 A.L.I. irraa eegaltee biyyoota tooftaa kana fayyadaman keessaa ishee tokkoo dha. Faransaayi tooftaa kana tti fayyadamuun dura ulaagaa raawwannaa tooftichaa haala ifa ta'een baaftee jiritii. Biyyii UK illee rakkoo turtii falmii fi kuufama galmee irraa kan

[1] http://hansard,millbank systems. Com/Lords/1997/Feb/27/delays-in-the criminal – justice system. Fuula 1 5/09/2002 kan laalame.

[2] Seera deemsa falmii yakkaa Itiyoophiyaa Labsii lakk. 185/1954, kwt. 94(2)

[3] Tasfayee Muliisaa, Mojuulii Leenjii TSAFY. ILQSO, bara 2000. Fu. 5

[4] Adda lakk. 3 ilaalata.

[5] Training material prepared for handling flagrant offenses, 2007 unpublished), Federal first instance court.

[6] http://www.google.com.et/search.pDF/adobe acrobat. public prosecution and its functions in the criminal process of France.PP. 83-84 28/08;02 kan laalame.

ka'e tooftaa kanatti waggootii muraasaaf erga fayyadamtee booda gara jecha amantaa waliigaltee himatamaa tiin murtii kennsiisuu (plea bargaining) tti deebitee jiritti.[7]

Ingilaandiin tooftaa kanaa murtii haqaa guyyaa itti aanuu tti kennamu (the next day justice) maqaa jedhuun ittiin hojjachaa kan turtee ta'uusaa tti.[8] Akkaataa deemsa sirna kanaatiin qaamni dhagaha adeemsa falmii yakkaa keessatti hirmaanaa qabu hundii adeemsa tooftaa kanaa irraa fayyadamaa akka ta'e qo'annoo adeemsisanniin ibsani jiru. Fakkeenyaaf, sababa hojiirra oolmaa, toofta kanaatiin dhamaattii abbootii dhimmaa ragoolee kan hambisee; yeroo fi baasii maallaqaa hirmaatootaa kan quusatee ta'uusaa ibsani jiru.[9] Haaluma kanaan, tooftaa saffisaa kun erga naannoo keenyaatti hojiirraa oolee kaasee miidhaa ykn faayidaan isaa maal akka ta'e sakkata'uu, ulaagaan tooftaa kanaaf fayyadauu ni jira ammoo hin jiru? Dhimmi tokko tooftaa kanaan akka ilaalamuuf murtee kennuuf aangoon kan qaama kamii akka ta'ee fi tooftaan kun gosa yakka akkamii irratti raawwanaa akka qabuufi hin qabne sakkata'uun kaayyoo qo'annaa kanatti. Qo'annaan kun tooftaalee sirna qo'annoo garagaraa fayyadamuun dhaan naannoo Oromiyaa keessatti raawwiin tooftaa saffisa sadarkaa maalii irra akka jiru sakkata'uun mala furmaata waliin dhiyeessuudhaan kan xumuramu ta'a.

1.2. Hima Rakkoo

Qo'annoon tokko yeroo adeemsifamuu himii rakkoo akka ka'uumsatti irratti hunda'uu karaa ifa ta'een kaayyuun dhimma murteessaa ta'eedha. Qo'annoon hima rakkoo ifaan kan teesisee yoo ta'e galma irra ga'amuu barbaadame asumaa ache beekuuf kan nama dandeesisuu ta'a. himaawwan rakkoo bifa kanaan kan kaa'aman yoo ta'e qo'annichi himaawwan rakkoo kanaaf deebii kan laateef ta'uusaa mirkaneefachuuf kan nugargaaru ta'a. himi rakkoo kun ammo akkaataa bal'dhaa fi dhiphiina qo'annichaa irratti kan hunda'uu ta'ee bifa gaaffiin kan dhiyaatu yoo ta'u, himaawwan rakkoo kanaaf deebin keename maal akka ta'e haala salphaa ta'een mirkaneefachuuf rakkisaa hin ta'u. Haaluma kanaan,

[7] Madda lak. 1, ilaalata. Fuula 2. Ingilaandii tooftaa kanatti kan fayyadametti bara 2004-2008 qofaadha. Kaayyoon tooftaa kana uumuudhaaf isaan dirqisiisee rakkoo turtii murtii haqaa uummata mufachisee tureef turmaata laachuu irratti kan kaayyeefatee dha.

[8] Madda lakk. 7. Fuula 2

[9] http://www.cps.gov.UK/publications/others/horedtapecjs.htm/-making a difference: reducing bureavcracy and red tap in the criminal justice system- accessed 5/09/2002. PP 2-4

himaawwan rakkoo qo'annoo kanaan deebii ni argatuu jedhamani yaadaman akkaataa armaan gadiitti ibsamanii jiru. Isaaniis:-

1. Tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa gosoota yakkaa akkamii irratti raawwatinsa qaba? Qabatamaan dhimmoota akkamitti adeemsa tooftaa kanaan ilaalamaa jiru?
2. Adeemsa tooftaa kanaan dhimmoota akkamitu ilaalamu qaba?
3. Ulaagan dhimmooti kun ittiin ilaalamaa jiran maalii?
4. Tooftaan kun erga hojiirra oolee kaasee mirgoota nama himatamee irratti dhiibbaan inni hirdofsiisee jiraa?
5. Naannoo Oromiyaatti tooftaan kun sadarkaa raawwii irra jiru maalii? Raawwii isaa rakkina qabaa? Niqabaa kan jedhamu yoo ta'ee rakkoowwan jiran maali?

Kanaafu, qo'annoo adeemsifamuuf yaadame kun gaaffiiwwaan armaan olitti tarreefaman kana bu'uura godhachuudhaan odeefannoo argamuu irratti hunda'ee deebii keenuudhaan bu'aa qo'annichaa kan dhiyeessuu ta'a.

1.3. Kaayyoo Qo'annichaa

Akkuma beekamu dhimma/rakkoo tokko irratti qo'annoo geggeessuuf yeroo yaadamu kaayyoon akka ka'uumsaatti nu fayyaduu jiraachuu isaa dirqama ta'a. Qo'annoon raawwannaa tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa irratti geggeefamuu kunnis kaayyoo mataa isaa danda'e kan of keessatti qabuudha. Akka waliigalaatti kaayyoon qo'annoo kanaa inni guddaan raawwannaan tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa kun naannoo Oromiyaa keessatti sadarkaa maalii akka argamuu sakataa'uudhaan mala furmaataa dhiyeessuu ta'ee, kaayyoowwan gooree kan biroos kana jalatti kan xiinxaalaman ni qaba.

Isaaniis:-

- ✓ Tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa gosoota yakkaa akkamii irratti raawwtinsa akka qabu xiinxaluu.
- ✓ Adeemsa tooftaa safiisaa hojiirraa oolchuu keessatti rakkoowwan jiran kan sakkata'u ta'a.
- ✓ Tooftaan kun haar'awaa waan ta'eef, muuxannoo biyyoota biraa sakkata'uun adeemsichi ifa akka ta'u gochuudha.

- ✓ Dhimmi yakkaa tokko tooftaa kanaan haa ilaalamu ykn laalamuu hin qabu jechuudhaan qaammi murtii keenuuf aangeefame kan jiru ta'uusa mirkaneefachuu fi,
- ✓ Mirgoota himatamaa irratti dhiibaan tooftaa kanaan dhufee maalfaa akka ta'e sakkata'uudhaan mala furmaata ta'uu qabu waliin dhiyeessuudhaan kan xumuramuu ta'a. kaayyoon qo'annoo kanaas dhimmoota armaan olitti tarreefaman kanaaf deebii itti keenuuf kan karoorfamee dha.

1.4. Fayyadamtoota Qa'annichaa

Qo'annoon tokko yeroo geggeefamuu bu'aa qo'annoo sanaa irraa qaamni adda addaa karaa kalatti fi alkalatti ta'een fayyadamtoota ta'u kan danda'an ni jiraatu. Haaluma kanaan, qo'annichi fayyadamtoota bifa lamaan qabaachuu ni danda'a. Innis, fayyadamtoota sadarkaa duraa fi fayyadamtoota sadarkaa lamaffaa tti kan qoodaman yoo ta'ani; qaamoolee haqaa (Mana Murtii, Biroo Haqaa fi Kommishiin Poolisii) Oromiyaa, akkasumas, ogeessotni seeraa (Abbootiin Seeraa, Abbootiin Alangaa, Abukaattoo Ittisaa, Abukaattoo Dhuunfaa, Qoratoota Poolisii) fayyadamtoota sadarkaa duraa ni ta'u. Haaluma walfakkaatuun, himatamtoonnii, miidhamtootnni, uummannii fi mootummaan naannoo Oromiyaas fayyadamtoota sadarkaa duraa keessatti kan haatamtamaniidha.

Sadarkaa lamaffaa irratti barsiistoonni fi baratootii seeraa, Naannoo Oromiyaatti: haala qabatamaa raawwaanaa toofitaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa fi sadarkaa irra jiru maal akka fakkaatuu; yeroo amma akkamitti hojiirra oolaa akka jiru; akkasumas, bu'aa ykn dhiibbaa adeemsi kun hordofsiisee irratti hubannoo ni argatuu. Waajjiraaleen biroos fayyadamtoota bu'aa qo'annoo kanaa ta'u ni danda'u.

1.5. Mala Qo'annoo

Adeemsa hojii haara'waa diriiree tokko raawwiin isaa sadarkaa maalii irra akka jiruu fi adeemsa raawwii kana keessatti hanqinnootni mul'ataniif furmaata keenuuf qo'annoo gaggeessuun barbaachisaa akka ta'e armaan olitti laalee jira. Kaayyoo fi karoorii qo'annoo tokko galma barbaadamee kan ga'uu fi bu'aa qabeessa ta'u kan danda'u malawwan ittiin qo'atamu dursaan beekuun hunda caalaa murteessaa dha. Mallii qo'annoo kunnis, dhugaa qabeessuummaa bu'aa qo'annichaa fi amanummaa odeefannoo sasaabuu waliin kallatiidhaan walitti hidhamsa cimaa kan qabu ta'a. Haaluma kanaan, malawwan qo'annoo

saayinsawwaa ta'an keessaa kan rogummaa qaban filaachuun faayidaa irraa oolchuun bu'aa qabeessummaa qo'annichaaf baayee murteessaa dha. Asiin olitti akkuma ibsamee, adeemsi tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa kun adeemsa haaraa diriiree waan ta'eef, barreefamootni garagaraas ta'e muuxannoon gama kanaan jiru duwwaadha jechuun ni danda'ama. Kanaaf, qo'annoo kana gaggeessuuf, dhimma kana irratti muuxannoon biyyoota biraa maal akka fakkaatuu dursaan ilaaluun kaayyoo qo'annichaa galmaan gahuuf dhimma murteessaa ta'eedha. kanaaf ammoo barreefamoota adda addaa dhimmicha waliin rogummaa qaban sakata'uun murteessaa dha. Haaluma kanaan, mallii jalqabaa qo'annoon kun itti geggeefamu barreeffamoota garagaraa muuxannoo biyyoota biraa maal akka fakkaatuu ilaaluun ta'a. kanaafis, muuxannoon biyyoota Faransaayi fi UK akka fakkeenya guddaatti fudhatamee haala qabatamaa naannoo keenyaa wajjiin walbira qabuun kan xiinxaalamu ta'a.

Itti dabalees, gaaffiin afaani, barreefamaa fi galmee waan tooftaa kanaan murtii argatan xiinxaaluun malawwan biroo qo'annoon kun itti geggeefamu dha. Haalumaa kanaan, godinaalee afur fi aanaaleen isaan jala jiran kudha lama filatamaniru: isaanis, (Godina B/Wallagaa, Lixa Shawaa, B/Shawaa fi Lixa Harargee) yoo ta'an, aanaaleen isaan jala jiran sadii sadii ilaalamaniru. Gaaffii afaani ilaalchisee, ittigaafatamtoota aanaa fi godinaa, mana murtii, waajjira haqaa, poolisii fi himatamtoota waliin geggeefameera. Abbootii seeraa mana murtii, aanaa fi godinaa, abbootii alangaa, qoratoota poolisii, abukaattoo dhuunfaa fi ittisa, himatamtootni adeemsa tooftaa kanaa adabamanni mana sirreessaa jiran gaaffii barreefamaa akka guutan godhameera. Akkasumas, galmeen tooftaa kanaan murtii argatan lakkofisaan afurtama ta'an xiinxaalamaniiru. Haaluma kanaan, baay'inni namooti gaaffii barreefamaa, afaanii fi galmeen xiinxaalaman kunis akka armaan gadiitti ibsameera.

Lak.	***Qaama Gaaffii Guutuu, Gaafatamuu fi Galmee Sakata'amu***	***Baayinna Karoorfame***		
		Gaaffii Barreefamaa	***Gaaffii Afaanii***	***Galmee***
1.	Abbootii seeraa	39	11	--
2.	Abbootii Alangaa	39	11	--
3.	Qoratoota poolisii	40	15	--
4.	Abukaattoo dhuunfaa	2	--	--
5.	Abukaattoo ittisaa	4	--	--
6.	Himatamtoota	8	4	--
7.	Miidhamtoota	4	4	--
8.	Galmeewwan xiinxaalaman	--	--	40

Karaabiraatiin, bu'aa qo'annichaa dhugoomsuu dhaaf, mallii qo'annichi itti geggeefamuu kawliteetiif waan ta'eef adda durummaan mala gaaffii afaanii, galmeewwan tooftaa kanaan murtii argatan xiinxaaluudhaan kan adeemsifamuu ta'a. Akkasummas, barreefamoota adda addaa sakata'uun muuxannoon biyyoota biraa maal akka fakkaatuu kan naannoo keenyaa waliin walbira qabamee kan ilaalamu ta'a, kana malees, gaaffii barreefamaa fayyadamuun sadarkaa tooftaan kun irra jiru beekuunis mala biroo isa dabalatatti ta'a.

1.6. Daanga Qo'annoo

Bulchinsi sirna haqa yakkaa biyyii tokko qabdu tooftaalee seeraa adeemsa falimii yakkaa itti hoganamuu gosoota gargaraa fi adeemsa adda addaa kan hordofuu of keessatti kan hammate ta'u ni danda'a. Tooftaawwan adda addaa qaamoleen haqaa ittiin hojjataa jiran sakata'uun furmaataa itti keenaa adeemuun fooyya'insa sirna haqaaf barbaachisaa ta'uullee, mata duree qo'annoo kana keessatti waan hundaa walfaana adeemsisuuf haala yeroo fi human namaa jiruu wajjin walbirraa qabnee yoo ilaaluu ni ulfaata. Kanaaf, qo'annoon kun kan xiyyeefatu raawwannaan tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa naannoo Oromiyaa keessatti, keessatuu, M/Murtii, waajjira abbaa alangaa fi poolisii biratti akkamtii hojiirra oolaa akka jiru fi sadarkaa isaa madaaluu qofa irratti kan fuuleefotee dha.

1.7. Hir'ina Qo'annoo

Adeemsichii haaraa ta'uu isaa irraa kan ka'e barreefamoonni waa'e dhimma kanaa irratti barreefaman biyya keenya keessa kan hin jiree ta'uu isaa irra iyyuu kan biyyoota biro kan jiranis yoo ta'e qaama seera deemsa falmii yakkaa gochuudhaan kan tuman yoo ta'u, isaansi maqaa adda addaatiin kan barreefamanii dha. Kanaaf, barreefama "maqaa RTD" waliin rogummaa qabu argachuun dhimma baay'ee rakkisaa ta'eedha. kun ammoo kan argisiisuu tooftaa kana ilaalchisee barreefamoonni rogummaa qaban dhabamuun isaa adeemsichi haara'waa waan ta'eef hanqinni odeegfannoo kan jiru ta'uu isaatii. Kanaafu, odeefannoon qo'annichaaf barbaachisuu qaamolee haqaa biraa argachuun kan danda'amu yoo ta'eellee, muuxannoon biyyoota biroos ta'e odeefannoon qaamolee haqaa biraa argamu baay'inaa fi qulqullina barbaadameen argamuu dhiisuu waan danda'uuf, akka hir'inaatti kan ilaalamu dha.

1.8. Gurmaa’ina

Kaayyoo fi galma qaqqabuuf barbaadame irratti hubannoo ifa ta’e uumuuf akka toluuf; qo’annoon kun boqonnaa adda addaa afur ofkeessaa kan qabu dha. Boqonnaan duraa, adeemsa qo’annichi itti geggeefame kan ibsu ta’e; boqonnaa kana jalatti, qo’annicha geggeessuuf maaliif akka yaadame, mala akkamiin akka geggeefame, qaamolee adda addaaf faayidaa akkamii akka argamsiisuu, daangaan qo’annichaa maal akka ta’e fi hir’ini jiru maalii akka ta’e kan itti bisame dha.

Maalummaa, tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa naannoo Oromiyaatti sadarkaa inni qabuu fi muuxannoon biyyoota biraa maal akka fakkaatu boqonnaa lamaffaa keessatti kan sakata’muu ta’a. Boqonnaa kana keessatti, maalummaa, walitti dhufeenyaa tooftaan kun dhimmoota biroo waliin qabuuf fi muuxannoo biyyoota biraa waliin kan ilaalamu ta’e; tooftaa kana uumuun maaliif akka barbaachisee, biyya keenyaatti hanqinni tooftaa kana maal akka ta’ee fi ulaagaan barbaachisaa ta’an, maalfaa akka ta’ani, fi addummaa tooftaa kun seeraa deemsa falmii yakkaa waliin qabu maal akka ta’e qabxiiwwan ka’an keessaa isaan hangafaa dha.

Boqonnaan sadaffaa raawwannaa tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa naannoo Oromiyaa keessatti sadarkaa maalii irratti akka argamuu kan xiinxaluu dha. Boqonnaa kana keessatti, faayidaan tooftaa kanaan argame maal akka ta’e ilaalameera. Tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa hojiirra oolchuu keessatti mirgoota himatamtoota irratti dhiibbaan inni hordofsiisee odeefannoo funaaname waliin xiinxaalameera. Akkasumas, adeemsa tooftaa kanaan hanqinnoonni qaamolee haqa biratti mul’atan maal akka fakkaatu mata duree dhumma kana jalatti xiinxaalamee jira.

Boqonnaan arfaffaa bu’aa waliigalaa qo’annoo irratti hudaa’uun yaada guduunfaa fi furmaataa kaa’ee jira. Akkasumas, dhummarratti miltoon qo’annoo kana waliin deemu walqabatee jira.

BOQONNAA LAMA

2. MAALUMMAA, SADARKAA TSAFY NAANNOO ORMIYAA FI MUUXANNNOO BIYYOOTA BIRAA

Seensa

Maalummaa fi sadarkaan tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa naannoo Oromiyaa keessatti qabuu fi muuxannoon biyyoota biraa maal akka fakkaatuu boqannaa kana jalatti kan sakkata'amu ta'a. Boqonnaa kana jalatti tooftaa saffisa adeemsa falmii yakka kan jennuu mala ammoo seeraa isaa jedhuu kan itti sakkataanu ta'e: walitti dhufeenyi ykn addummaan inni adeemsa falmii yakkaa idilee, seera deemsa falmii yakkaa fi dhagaha falmii waliirra hin citne waliin qabu maal akka ta'e kan ilaalamu ta'a. Naannoo keenyaatti sadarkaa tooftaan kun qabu maal akka fakkaatuu muuxannoo biyyoota biroo fakkeenyummaa qaban wajjiiniin walibiraa qabun asii jalatti xiinxaalamee jira. Ibsa boqonnaa kana keessatti tooftaan saffisaa amalaa addaa inni qabuu fi ulaagaan adeemsa kanaaf barbaachisaa ta'e kan jiru yoo ta'e mata duree kana jalatti deebiin itti keenameera. Akkasumas, tooftaa kunnaannoo keenyaatti sadarkaa maal irra akka jiru odeeffannoo argamee irraa ka'uun deebiin ifa ta'e kan itti kennamuu ta'a. Dhimmoota kana mee tokkko tokkoon kaasinee haa ilaaluu.

2.1. Maalummaa TSAFY

Tooftaan saffisaa adeemsa falmii yakkaa ykn afaani ingiifaa tiin (Real Time Dispatch Technique In Criminal Proceedings) jedhame waamamuu kun hiikoo isaa maal akka ta'e akkaataa armaan gadiitti ibsamee jira.

Tooftaan kun maqaa "Real time dispatch" jedhamuun biyya keenyaatti haa beekamuu iyyuu malee yaada haaraa waan ta'eef dikshiinarrii kamiyyuu keessatti hiikoo isaa maal akka ta'e walfaanaa bakka tokko tti argachuuf rakkisaa dha. Haa ta'uttii, jechootii kun hiikoo kophaa kophaatti qaban walitti fiduudhaan haala armaan gadiitti ibsameen hiikoo itti keenuuf yaalame jira. Haaluma kanaan, jecha "Real Time" jedhuu kophaatti yoo ilaalee yaada akkas jedhuu kan nuuf keennuu ta'a: -

> "Real time-means action to be taken at a given time at which information about the occurrence of some thing is made available to the concerned body" kan jedhuu yoo ta'u; afaan keenyaan, gochii tokko batalumma raawwatamee sanatti haala raawwii isaa ilaalchisee odeefannoo argamee qaama ilaalatuuf qophaa'a gochuu kan jedhuu yoo ta'u; [10]

Jechi "dispatch" jedhuu ammoo hiikoon isaa maal akka ta'e yoo ilaalamuu: -

> "Dispatch means a prompt completion & sending off of something that dose not strictly follow the custom of the business especially, to avoid delays resulting from a crowded"[11]

Kanaa jechuun, dhimma tokko turtii malee raawwachuudhaaf aadaa hojii tokko raawwachuuf barbaachisaa ta'e ciminaan hordofuu osoo hin barbaachifne hojiicha batalumatti xumuruudhaan qaama laalatuuf dabarsuudhaan dhiiphana ykn kuufama dhimmoota sababa turtiidhaan dhufuu danda'u hambisuu kan jedhuu yoo ta'u;

Hiikoowwan yaada lamaanii walitti yoo fidnee, "Real time dispatch" ykn tooftaa saffisaa jechuun, gochii yakkaa tokko bataluma raawwatame irraa calqabee hojii hojjatamuu qabu, turtii malee ensuma xumuruudhaan odeefannoo argamee sana waliitti qabun qaama ilaalatuuf dabrsuudhaan murtii keensiisuuf adeemsa hordofamuu dha.[12] Karaa biraatiin, tooftaa saffisaa jechuun, adeemsa dhagaha falmii yakkaa saffisaa gochuuf qorannaa yakkaa kanaan duraa poolisii fi A/Alangaa biraatti kophaa kophaatti hojjatamaa turee bakka tokkotti akka geggeefamu kan godhuu fi adeemsa falmii sadarkaa duraa kan hambisuu waan ta'eef, adeemsi isaani gabaabaata.[13] Adeemsi akkasi kuni ammoo murtii ariifachisaa kennuuf kan nugargaaru ta'aa jechuudha. Akkaataa adeemsa tooftaa kanaatiin, guyyaa yakkii raawwatamee fi guyyaa murtiin kennamu jedduu yeroon jiru baay'ee dhiiphaa ykn gabaabaa ta'uusaa kan argisiisuu dha.[14] Tooftaan kun kan fayyaduu yakka harkaaf harkaatti raawwatamee fi gochoota salphaa ta'anii; ragaan ifa ta'e kan jiruu fi himatamaa fi ragooleen

[10] Concise Law Dictionary, 3rd Ed. Alyar Ramanatha P. Wadhwa & Con Naggur (2006)
[11] Black's Law Dictionary, 6th Ed. St. Paul. Minn, West Publishing Co. (1990)
[12] Madda lak. 9, Fuula 4, 15 ilaalata
[13] Madda Lakk. 12, Fuula. 14. Ilaalata
[14] Madda Lakk. 13, Fuula 16, Ilaalata.

achumatti waliin kan argaman yoo ta'eedha.[15] Haaloonni kun guutamanii kan argaman yoo ta'e, qorannaan isaa bataluma yakkii raawwatamee irraa calqabamee atoomina poolisii fi A/alangaa waliin kan itti fufuu ta'a. Galmeen qorannaas enasuma xumuramee M/Murtiif kan dhiyaatu waan ta'eef, murtii ariifachisaa ta'e yeoo gabaabaa keessatti kennisiisuuf malawwan nu gargaaran keessaa tooftaan kun isaa tokko dha jechuun ni danda'ama. Asirratti, adeemsi dhagaha falmii yakkaa adeemsa gabaabaadhaan ilaaluun kan calqabame sirna kabaja hayyaana amantaa Ortoodooksii "qulubii Gabireelii" irraatti akka ta'e barreefamoonni ibsan ni jiru.[16] Mallii kun akka uumamuu wantootii dirqisiisaa godhan keessaa tokko amantaa kana kabajuudhaaf namootiin kutaa biyyaa keenyaa hundaa fi biyya alattiis bakka sana kan dhufan guyyaa muraasaa qofa waan ta'eef, yakkii kan isaan irratti raawwatawuu yoo ta'ee yeroon beellama sana achii kennamuun dedeebi'anii falmii gochuuf rakkisaa dha. Kana waan ta'eef, qaamoleen haqaas yeroo gabaabaa fi turtii tokko malee shakkamtoooota irratti murtii kensiisuu fi cirraa qabame batalumatti miidhamtootaaf deebiisuun kan danda'an keessaa tooftaa akkanaa qofatti kan gargaraman yoo ta'eedha.[17]

Mallii bakka amantaa kanatti uumamee kun adeemsi isaa tooftaa kanaan kan walfakkaatuu haa ta'u iyyuu malee, garaagarumaa fi amala mataa isaa ni qaba. Mallii kun bakka amantaa sanaatti hojiirra kan oolee yeroof yoo ta'u, tooftaa saffisaa garuu, yeroo hundaa kan itti hojjatamuu fi qaamolee haqaa hunda biratti kan ittiin hojjatamuu dha.[18] Mallii duraa suni mirgoota seera deemsa falmii yakkaa keessatti himatamaaf eegameef kan eeguu osoo hin taane; rakkoo yeroo sanatti dhalatee furuuf ta'e, guyyaa kabaja amantaa sanaan booda kan itti fufuu miiti. Kanaaf, tooftaa saffisaa haala idileefameen kan itti hojjatamuu fi adeemsa seera deemsa falmii yakkaa kan hordofu waan ta'eef garaagarummaa guddaa kan qaban ta'uusaatti. Karaa biraatiin, tooftaan lamaanuu ykka harkaaf harkaatti raawwatamee fi yeroo gabaabaa keessatti furmaata laachuu irratti walitti dhufeenya ni qabu.

[15] http://www.austilii.edu.au/joornals/UNSW Law J/2003/38.html. "The posetion of accused persons under the common law & civil law system. Pp. 4-6 = 5/09/2002 kan ilaalame.

[16] Madda alkk. 5 ilaalata

[17] Madda lakk. 7, Fuula 4 ilaalataa

[18] Madda lakk. 3, ilaalata.

2.1.1. TSAFY fi Adeemsa Falmii Yakkaa Idilee

Sababni tooftaa saffisaa diriirsuuf barbaachiseef, sirna adeemsa dhagaha falmii yakkaa bu'aa qabeessa, haqummaa qabuu fi qaqqabamaa ta'e turtii malee yeroo gabaabaa keessatti murtii ariifataa ta'e kennuuf akka ta'e armaan olitti ibsamee jira. Tooftaan kun kan nu tajaajilu dhimmoota hundaaf osoo hin taanee gochoota yakkaa haallii raawwii isaani adda kan ta'ee fi gosoota yakkoota salphaa ta'anii, garuu, ragaa ifa ta'e kan qabanii fi murtii kennuuf rakkisaa kan hin taane yoo ta'e adeemsa tooftaa kanaan yeroo gabaabaa ta'e keessatti murtii akka argatan gochuuf kan nu fayyaduudha.[19] Tooftaan kun adeemsa dhagaha falmii idilee keessatti hojimaata barmaatileedhaan fi sirna seeraa deemsa falmi yakkaatiin hojjatamaa turan waan hambiiseef qorannaan poolisii fi A/Alangaa biratti kophaa kophaatti hojjatamaa turee bakka tokkotti akka deebi'uu fi falmiin sadarkaa duraa akka hafuu gochuudhaan adeemsa gabaabaa kan uumeedha.[20] Kanaaf tooftaan kun dhimmootni, adeemsa kanaan ilaaluudhaaf mijaa'a ta'an bifa saffisa ta'een xumura akka argatan kan godhuu waan ta'eef dhaan kuufama galmee qaamoleen haqaa qaban baasii fi dhamaatti abbootii dhimma fi ragoolee mudachaa turee amma tokko ni salphiisaa yaada jedhuu irraa ka'amee kan dirrireedha. Kanaaf, tooftaan kun dhimmooti salphaa ta'anii, raawwiin isaani haarkaaf harkatti ta'e, ragaan ifa ta'e kan jiruu fi murtii kennuuf rakkisoo yoo hin taane, dhimmonni akkas haala saffisa ta'een xumura akka argatan kan godhuuf waan ta'eef kennennis tajaajila haqaa qaqqabamaa fi bu'aa qabeessa akka ta'u shoora mataa isaa danda'ee ni qabaa jechuudha.[21]

Haa ta'utii, miroonni himatamaa adeema falmii yakkaa idilee keessatti eegamuu qaban hundii asittiis waan kabajamaniif adeemsa seera adeemsa falmii yakkaa guutumaan kan hordofuudha.[22] Adeemsii falmii yakkaa idilee dhimmoota yakkaa cicciimmoo fi walxaxaa ta'an kan ittiin hoganamaa waan ta'eef adeemsi dhagaha falmii isaa yeroo/guyyoota/ hedduu fudhachuu ni danda'a.[23] Sababni guyyoota hedduu itti fudhachuu danda'uuf maalii yoo jedhamee, haala raawwii fi cimina yakkichaa irraa kan ka'e ragaa sasaabuudhaaf yeroo

[19] http://www.Frecdok.Uni-frecburg.de/volltexte/3763/pdF/Eser- The acceleration of criminal proceedings. Pdf. P. 11, Accessed on 3/02/10

[20] Madda lakk. 14, Fuula 14 ilaalata.

[21] Madda lakk. 20, Fuula 1 ilaalata

[22] Madda lak. 2 fi madda lakk. 15, Fuula 3 ilaalata.

[23] Madda lakk. 15, ilaalata

dheeraa gaafachuu ni danda'a. Akkasumaas himatamaa argachuuf rakkisaa ta'uu fi himatamaaniis ragaa ittisaa isaa dhiyeefachuuf yeroo dheeraa waan gaafatuuf akka yakkootni salphaa ta'anii fi yakka harkaaf harkaatti raawwatamantti yeroo muraasa keessatti murtii kennuuf rakkisaa dha. Kana malees, yakkoon ciccimoo akkas bilisummaa shakkamtootaa irratti dhiibbaa guddaa fiduu waan danda'aniif dhagaha falmii keessatti ragaan bittaa fi mirgaa sirriitti sacaa'uun barbaachisaa dha.[24] Karaa biratiin, sababa adda addaa irraa kan ka'e dhimmoonni tooftaa saffisaan ilaalamaa jiranii gara falmii idileettis haallii itti naannaa'u danda'an uumamuus ni danda'a.[25] Tooftaan saffisaa seeraa biyyatti kamiiyyuu keessatti tumame kan argamu miti, adeemsi dhagaha falmii idilee garuu, seera deemsa falmii yakkaa keessatti tumamee kan argammuudha.

Karaa biraatiin, tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa adeemsi dhagaha falmii yakkaa haala saffisaa fi gabaabaa ta'een adeemsisuuf mala nu gargaaruu yoo ta'u,[26] falmii yakkaa idilee garuu, seeraa waan ta'ee fi seeraa deemsa falmii yakkaa keessatti kan hammatamee waan ta'eef adeemsa dheeraa kan hordofudhan dha.[27] Tooftaan safffisaa seeraa osoo hin taane mala dhagaha falmii idilee saffisaa gochuuf kan nama gargaaruu dha. Waan kan ta'eef, tooftaa saffisaa dhimmoota amala adda qaban irratti murtii ariifachisaa akka kennamuu kan gargaruu waan ta'eef, kuufamni galmee akka salphatuu ga'ee kan qabuu dha.[28] Adeemsa tooftaa saffisa keessatti yeroo beellama kennuu, mirga wabii eeyyamuuf; akkasumas, carraan himatamaan too'annaa poolisii jala itti turuu baayyee xiqqaa dhaa ykn hin jiru jechuus ni danda'ama.[29] Haa ta'utii, falmii yakkaa idilee keessatti dhimmooni kun haala guutuun kan raawwataman ta'uusaatti.[30] Kana malees, turtii yeroo irraa kan ka'e, ragoonnii dhabamuu ykn hiraanfachuu akkasumas himatamaan baduus ni danda'a. Tooftaa sffisaa keessatti garuu, haalii rakkoowwan kun itti quunamuu danda'u yoo ilaalee baay'ee dhiphaa

[24] Madda Lakk. 17. Fuula 13
[25] Madda Lakk. 19. Fuula 10
[26] Madda Lakk. 24, Fuula 8 ilaalata.
[27] Madda Lakk. 22 ilaalata
[28] www.law.gov.cy/...compartative analysis of prosecution system (part II): The role of prosecustion services investigation & prosecution policies & principles. P-16, 02/05/10 kan ilaalame.
[29] Madda Lakk. 21. Fuula 2
[30] Madda Lakk. 29. Fuula 3

dha.[31] Kanaafu, adeemsii fi haallii tooftaa saffisaa fi adeemsa dhagaha falmii idilee itti fayyadaminu garaagarummaa guddaa ta'e kan jiru ta'usaa hubachuun ni danda'ama.

2.1.2. TSAFY fi Dhagha Falmii Walirra Hin Citne

Adeemsi tooftaa saffisaa falmii yakkaa tooftaa haa ta'uu iyyuu malee adeemsi isaa seerrii deemsa falmii yakkaa kan hordofu hundee kan godhatee dha.[32] Kana malees, tooftaan kun dhagaha falmii yakkaa bifa saffisaa ta'een akka raawwatamuu kan gargaruu ta'usa armaan olitti ilaalee jira. Asiitti garuu, kan ilaaluu faayidaa ykn walitti dhufeenyi tooftaan saffisaa fi dhagaha falmii yakkaa walirraa hin citnee waliin qabu ta'a. Adeemsi dhagahaa falmii yakkaa bu'aa qabeessaa fi qaqqabamaa ta'u kan danda'u deemsi dhagaha dhimmoota osoo waliirraa hin citiin bifa walitti fufinsa qabun yeroo beellamaa malee ykn beellama gabaabaa ta'een xumura kan argatuu yoo ta'eedha.[33] Haaluma kanaan, tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa kan ilaaluu yoo ta'e dhimma kana kan dhugoomsuu ykn kan deegaruu ta'etii mul'ata.

Seerrii deemsa falmii yakkaa biyya keenyaas yoo ilaalamuu, dhagaha falmii yakkaa yeroo himannaan dhiyaatee kaassee, hanga danda'ametti, bifa itti fufinsa qabuun osoo waliirraa hincitiin guyyaa tokko tti ykn guyyoota muraasa jidduutti murtii argachuu akka qabu kan tumee yoo ta'uullee,[34] baratileen hojjatamaa waan taureef adeemsi isaa ciccitaa abdii fi amantaa adeemsa sirna haqaa irratti qabu laafaa akka ta'u godhee jira.

Adeemsi dhagahaa falmii yakkaa ciccitaa kan ta'u yoo ta'e, adeemsi isaa harkifataa, kan hin dhaqabamnee, hin tilmaamamne, haqa dhabeessaa fi bu'aa dhabeessa ta'u ni danda'a.[35] Rakkoo ciccitinsa adeemsa dhagaha falmii yakkaa kana ammoo salphisuuf tooftaan saffisaa adeemsa falmii yakkaa gahee mataa isaa danda'e ni qaba. Kanaaf, tooftaan kun adeemsi dhagaha falmii yakkaa bifa walitti fufinsa qabuun akka adeemuu waan godhuuf rakkoon ciccitinsa uumamuu danda'u hagam tokko salphissuu irratti malawwan gargaaran keessaa isa tokko dha. Kanaafu, dhimmi yakkaa tokko tooftaa kanaan kan ilaalamuu yoo ta'e yeroo gabaabaa keessatti murtiin ariifachisaa ta'e akka laatamuu waan godhuuf, adeemsi tooftaa

[31] Madda Lakk. 29

[32] Madda Lakk. 25 Fuula 16 ilaalata.

[33] Dasaa Bulchaa, Alamaayahu Taganee, Sirna Dhagaha Falmii Yakkaa: Seeraa fi baratama. Mojuullii Leenjii Adaamaa/ILQSO, bara 2000

[34] Madda Lakk. 27 ilaalata

[35] Madda Lakk. 33 ilaalata

saffisaa fi dhagaha falmii yakkaa walirraa hin citine walitti dhufeenya cimaa ta'e kan qabaniidha.[36] Kun yoo jedhamu, tooftaan kun dhimmoota yakkaa hundaaf furmaata ni ta'aa jechuu akka hin taane hubachisuun barbaachisaadha. Kana malees, ciccitinsa dhagaha falmii yakkaa hambisuu keessatti tooftaa kanaan alattis malawwan biroos jirachuu ni malu.

2.2. TSAFY Fi Muuxannoo Biyyoota Biroo

2.2.1. Faransaay

Tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa biyyoota hojii irra oolchan fi akka fakkeenyaatti muuxannoo gaarii qabu jadhamanii ibsaman keessaa biyya Faransaayi fi UK (Biriitish) ti. Biyyi Faransaay adeemsa tooftaa saffisaa kana fayyadamuu kan calqabdee bara 1983. A.L.A irraa kaasitee yoo ta'u, adeemsichii maqaa (conzpartition immediate ykn direct presentation,) jedhuun kan beekamuudha. Ergas asii bara 1986 fi akkasumas, bara 1994 seera deemsa falmii yakkaa irratti fooyyaa'iinsa gooteen adeemsa tooftaa saffisaa falmii yakkaa kana fooyyeessaa dhuftee jiriti.[37] Biyyi UK ammoo tooftaa kanaan murtii haqaa guyyaa itti aanuutti kennuu jechuun maqaa kennitee jirti.[38] Mata duree kana jalatti kan ilaaluu kan biyya Faransaayi waan ta'eef, kan biyyaa UK boodee kan itti dhufinuu waan ta'eef ammaaf biraa darbameera.

Seerii adeemsa falmii yakkaa osoo jiru tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakka kana hojii iraa oolchuun maaliif akka barbaachisee barreefamoota garagaraa keessatti akkaataa armaan gadiitti ibsameen sababni isaa kaa'amee jira.

Adeemsi falmii yakkaa ittiin hojjatamaa turee akka malee dheeraa fi yeroo heddu fudhataa waan tureef hawaasni ammoo tajaajila haqa si'aaynaafi qulqullina qabu turtii malee argachuuf fedhiin qabu yeroodhaa gara yerootti dablaa adeemuu irraa kan ka'e adeemsa haraa ta'e kama uumuun dirqama ta'e jira.[39] Kana malees, qaamolee haqaa kuufama galmee (backlog) qaban irraa kan ka'ee maamiltootaaf tajaajila quubsa kennuu waan dadhabaniif; shakkamtootni murtiin dura yeroo dheeraaf too'annaa jala akka turaniif taasisee jira, dheerina falmii irraa kan ka'e ragoonni mana murtii dhiyaachuu fedhii dhabuu fi jecha

[36] Madda Lakk. 32, Fuula 20
[37] Madda Lakk. 36, Fuula 11 ilaalata.
[38] Madda Lakk. 8, Fuula 2 ilaalata
[39] Madda Lakk. 38, Fuula 1, ilaalata.

kennuufiis fedhii akka dhaban waan godheef;[40] akkasumas, miidhamtooni dhuunfaas falmiin duraa yeroo dheeraa sababni itti fudhatuuf waan hin beekneef qaamolee haqa irraa amantaa akka dhaban gochuu irratti gahee mataa isaa gummacheera. Rakkoowwan armaan olitti ibsaman kaneen maqisuuf jecha biyyi Faransaay tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa kanaa qaamolee haqaa (poolisii, A/Alangaa fi M/Murtii) keessatti diriirsuudhaan qulqullina murtii osoo hin tuqiin haala kuufamni galmee itti hirdhatuu fi adeemsi sirna falmii yakkaa itti gabaabatu danda'uu hojiirraa oolchitee jirti. [41]

Yaada mala haaraa kanaan adeemsa dhaddacha irratti jiru gabaabsuun salphaa ta'u yoo baatallee adeemsa falmii sadarkaa duraa fi tuttuqaa adeemsa qorannoo poliisii fi A/Alangaa biratti kophaa kophaatti raawwatamaa turee hambiisuudhaan adeemsi isaa saffisaa akka ta'u gochuun danda'ameera. Adeemsaa kanaan, qorannaan A/alangaa kophaatti adeemsisuu bu'aa qorannaa galmee poolisii irratti kan hundaa'e waan ta'eef, sadarkaa A/Alangaatti qorannaan geggeefamaa turee sadarkaa jalqabaa qorannaa poolisii biratti eegalamu akka waliin geggeessan taasiftee jirti.[42]

Haaluma kanaan, dhimmi yakkaa tokko eeruu, iyyata ykn shakkamaan harkaaf harkatti yeroo raawwachaa jiru ykn yeroo yaaluu ykn akkuma raawwatee ka'een kan qabame yoo ta'e; poolisiin qorannaa eegaluun dura malawwan argamaniin odeeffannoo argamee waliin abbaa alangaa beeksisuu qaba. A/Alangaa yeroo odeeffannoo argantee kaasee dhimmisaa kan himachisuu ta'uusaa ergaa qulqulleefatee booda qorannaan akka itti fufuu gochuudhaan galmee fi himatamaa ragaa waliin qabatee M/Murtii deemuun guyyaadhama yakkii raawwatamee murtiin akka itti kennamuu godha. Haa ta'utii, sababa adda addaa irraa kan ka'e guyyaa sana kan hin milkoofnee yoo ta'e, guyyoota muraasa itti aanaan keessatti akka murtii argatuu ni gosiisaa.[43]

Biyya Faransaayatti, tooftaan kun qooqaa Faransaayin yaatiin "Conzpartition immediate" (direct presentation) maqaa jedhuun haa beekamuu iyyuu malee, qabiyyee isaa laalchisee tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa biyya keenyaa waliin waltti dhufeenya cimaa kan

[40] Madda Lakk. 28, Fuula 16 ilaalata.
[41] Madda Lakka. 39, Fuula 1-3 ilaalata
[42] Madda Lakk. 41, Fuula, 3-4; fi Madda Lakk. 40, 84-86 ilaalata.
[43] Madda Lakk. 42 ilaalta.

qabu dha. Sababni isaas adeemsa kanaan dhimmi adda dareen ilaalamu yakka harkaaf harkatti rawwatame waan ta'eefii dha.[44]

Dhimma yakka harkaa fi harkatti raawwatamees ta'e dhimmoota biroo salphaa fi ragaan isaanii ifa ta'e adeemsa tooftaa saffisaa kanaan ilaaluuf biyyi Faransaayii ulaagaa mataa isaa dandaa'e baafatee ni qabdii. Ulaagaaleen kunnis:- [45]

1ffaa. Yakka harkaaf harkatti raawwatamee, ragoonni fi himatamaan bakka sanatti waliin kan argaman yoo ta'ee fi murtii kennuuf dhimmisaa rakkisaa kan hin taane ta'u qaba. Jechuunis, tooftaa kanaan ilaaluuf haalii dhimmichaa mijaa'a ta'u qaba.

2ffaa. Himatamaan dhimmiisaa tooftaa kanaan akka ilaalamuuf fedhii kan qabu ta'u qaba. Himatamaan fedhii kan hin qabnee yoo ta'e adeemsa falmii idileetiin akka itti fufuu gochuuf filannoon kan himatamaatti malee qaamni kamiiyyuu dirqisiisuuf hin danda'u.

3ffaa. Gochii yakkaa tooftaa kanaan ilaalamu danda'u adabii hidhaa hanga waggaa torbaaf kan hin caaleen kan adabsiisuu yoo ta'eedha.

4ffaa. Himatamaan abukaattoo ittisaa kan mataa isaa ykn kan mootummaan ramaduuf waliin kan dhiyaate ta'u qaba.

5ffaa. Qorannaan yakkaa adeemsifamu guyyaa tokkootti kan hin xumuramne yoo ta'e; himatamaan to'annaa jala akka turee gochuudhaan hanga guyyaa shaniif tursiisuun ni danda'ama. Haa ta'utti, guyyaa shanin kana keessatti qorannaan xumuramu yoo baatee, gara falmii idileetti akka naanna'u taasifama. [46]

Kanaaf, muuxannoo biyya Faransaay irraa hubachuun akka danda'amutti, dhimma yakkaa tokko tooftaa kanaan kan ilaalamu danda'u ulaagaaleen armaan olitti ibsaman kun yoo guutaman malee bakka hanqinni jirutti dhimma kamiyyuu, yakka harkaaf harkatti raawwatamees dabalee tooftaa kanaan fayyadamuudhaan murtii kennuun kan danda'amu miti. Kunnis, dhimmooni yakka ciccimoo fi walxaxaa ta'an adeemsa kanaan kan hin ilaalamne ta'uu kan namati argisiisuudha.

[44] Madda Lakk. 43. Fuula 85, fi Madda Lakk. 37, Fuula 11 ilaalata.
[45] Madda Lakk. 44, Fuula 11
[46] Madda Lakk. 44, Fuula, 83 fi 84 ilaalata.

2.2.2. UK /Biriteen/

Biyyi biraa tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa hojiirra oolchitee UK ykn Biriteen ta'uu armaan dura ibsnee jira. UKn tooftaa kanaan "The next day Charge or Justic" jeetee yoo yaamtuu gara afaani Oromifaatti yoo deebisnuu murtii haqaa guyyaa itti aanuutti kennamuu jechuu akka ta'e barruu garagaraa irraa hubatamuu ni danda'ama. [47]

Biyyi UK tooftaa kan akka diriirsituu wanti sababa ta'e keessaa tokko; dhimmooni yakkaa murtiin osoo itti hin kennamiin yeroo dheeraaf kan turan waan ta'eef uummanni tajaajila haqaa qulqulluu fi si'aayina qabuu yeroo gabaabaa ta'e keessatti argachuu waan hin dandeenyeef, tooftaa salphaa fi saffisaa ta'e uumuun dirqama itti ta'e jira.[48]

Tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa kana hojii irra osoo hin oolchin dura qo'annoo adeemsisaniin hojiin qorannaa yakkaa poolisii fi A/Alangaa kophaa kophaatti hojjataa jiran adeemsa bu'aa hin dabalee waan ta'eef, qorannaan poolisii biratti yeroo eegalamuu kaasee A/Alangaa kan itti hirmaatuu yoo ta'e faayidaawwan armaan gadii kan argamsiisuu ta'uu irraa darbee dhimma tokko turtii malee murtii kennuuf kan gargaaruudha.[49] Adeemsi haaraan diriisaan kunnis:-

1ffaa. A/Alangaa fi poolisiin qorannaa bakka tokkotti kan geggeessan yoo ta'e ogummaa qaban walii qooduun galmeen qorannaa rakkoo kan qabu yoo ta'e ensuma furmaata itti kennuu ni danda'u.[50]

2ffaa. Guyyaa yakkii raawwatamee sanatti ragaa fi himatamaan waliin kan argaman yoo ta'e, qorannaan batalumatti calqabamee kan xumuramu waan ta'eef galmeen dhaddachaaf akka akka dhiyaatuu waan godhamuuf ragoonni mana murtiitti dedeebi'uun yeroon gubban hin jiru, yeroon poolisiis waan quusatamuuf hojii biratti booba'uu ni danda'u, akkasumas M/Murtii tti dedeebi'uun ni salphataaf. [51]

[47] Madda Lakk. 38, Fuula 2. Ilaalata
[48] Madda Lakk. 42. Fuula 4 ilaalata.
[49] Madda Lakk. 9, Fuula 14 ilaalata
[50] Madda Lakk. 28, Fuula 6 ilaalata fi Madda Lakk. 1, Fuula 2
[51] Madda Lakk. 49, Fuula 1-4

3ffaa. Formaatii gargaraa bu'aa hin dabalee akka hafan gochuudhaan qorannaa fi himannaan erga tokko akka eegalamuu godhanii jiru. [52]

4ffaa. yakkii raawwatamee sun salphaa fi adabii hidhaa waggaa tokko hin caalee kan adabsiiisuu ta'u qaba. Haata'utii, ajeechaa lubuu, gudeedduu, saamichaa fi yakka cimaa qabeenya irratti raawwatamee yoo ta'e tooftaa kanaan kan ilaalamu miti. [53]

5ffaa. Yeroo ammaa gosaanis ta'ee, haala raawwii isaatiin yakkii hojjatamuu cimaa fi walxaxaa ta'aa waan dhuufeef, dhimmooti salphaa ta'an yeroo gabaabaa keessatti murtii itti kennuudhaan gara hojii cimaa ta'etti naanna'uun murteessaa ta'uusa argisiisanii jiru.[54]

6ffaa. Dhimmii tokkoo tooftaa kanaan ilaalamuu kan danda'u himatamaan fedhii kan qabu yoo ta'e qofadha. [55]

Kanaafu, tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa kuufama galmee hambisuudhaan dhimmooni salphaa ta'an yeroo gabaabaa keessatti murtii akka argatan gochuu irratti shoora guddaa kan qabudha. UK rakkoon ishee mudatee turee erga salphatee booda tooftaa kanadhiisuudhaan gara falmii idileetti deebi'uu dahaan bakka kanaatti "Plea bargaining" akka tooftaa tokkotti fayyadama jirti.

2.3. Garaagarummaa TSAFY Naannoo Keenyaa fi kan Biyyoota Biroo Jidduu Jiru.

Ibsa keenya kanaan duraa keessatti tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa ilaalchisee muuxannoon biyyoota biraa maal akka fakkaatuu akka fakkeenyaatti kan biyya "Faransaayi" fi "UK" fudhachuudhaan ilaalee jira. Biyyoonni kun tooftaa kana hojiirra oolchuuf wanti isaan dirqisiisee fi ulaagaaleen tooftaa kanaa maal akka ta'e mata dureedhumma sana jalatti ibsuuf yaalamee jira. Asiitti garuu, naannoo keenyatti tooftaan saffisa adeemsa falmii yakkaa kun sadarkaa inni irra jiru ykn yeroo amma hanqini qabu maal akka ta'e kan ilaaluu ta'e, muuxannoo biyyoota kanaa waliin walbira qabuudhaan walitti dhufeenyaa fi addumaan

[52] Madaa Lakk. 50. Fuula, 4
[53] Madda Lakk. 51, Fuula, 2
[54] Madda Lakk. 50, Fuula 6
[55] Maddal Lakk. 53

jidduu keenyaa fi kan biyyoota kana lamaanii maal akka fakkaatuu kan itti sakkata'amuu ta'a. Muuxannoon biyya Farnansaay kan biyya keenyaatiif bu'uura waan ta'eef, muuxannoon biyya kanaa hunda caalaa adda dureedhaan rogummaa kan qabuudha jechuun ni danda'ama. Haa ta'uti; hubannoo bal'adhaa ta'e uumuuf jecha muuxannoo biyya "UK"s akka dabalataatti waan laaleef kan naannoo keenyaa fi kan biyooti lamaanii kana wajjiniin walbira qabuudhaan haala armaan gadiitti ibsameera.

Akka naannoo keenyaatti tooftaan saffisa adeemsa falmii yakkaa adeemsa seera jiru keessatti turtii malee yeroo gabaabaa keessatti murtii saffisaa kennuun kan jalqabamee kabaja hayyana "Qulubii Gabirii'el" irratti akka ta'e kutaa duraanii jalatti ilaalee jira.[56] Adeemsa tooftaa saffisaan murtiin kennamaa ture sun garuu, guyyaa fi bakka kabaja hayyaanichaa irratti qofa kan xiyyeefatee waan ta'eef, naannoo hundaatti akka sirna bulchinsa haqaa yakkaa tokkotti qaamolee haqaa hunda biratti kan ittiin hojjatamaa turee miti. Haa ta'utti, yeroo ammaa haalii raawwii yakkaas ta'e adeemsi murtii qaamolee haqaa tiin kennama turee yeroo dheeraa kan fudhatuu fi haala jijjiirama hawaasaa fi teeknooljii waliin deemuu waan dadhabeef, jalqaba bara 2000 irraa eegalee Naannoo Oromiyaa keessatti akka imaammata mootummaatti tooftaan kun baka hundaatu akka hojiirra ooluu taasifamee jira.[57] Biyyi keenya tofftaa kana kan fudhatee biyya Farnasaay irraa haa jedhamuyyuu malee sanaan duras kan ittiin hojjachaa turtee ta'uusaa muuxannoon qulubii Gabiri'el ragaa ta'u ni danda'a.

2.3.1. TSAFY Naannoo Oromiyaa fi Kan Biyya Faransaay

A. Walitti Dhufeenya Ilaalchisee:

Biyyi keenya walitti dhufeenyi biyya Faransaay waliin qabduu muuxannoo tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa kana fudhachuu irraa kan eegaluu osoo hin taanee sanaan duras seenaan walitti nufiduu kan jiru ta'uusaa tti. Innis, seenaa seera deemsa falmii yakkaa biyya keenya waliin haala walqabateen maddi seera biyya Itiyoophiyaa hedduun isaa seeraa biyya Farnasaay irraa kan dhufeedha.[58] Muuxannoo biyyi kun qabduu yoo ilaalamu, adeemsi falmii yakkaa dheerina kan qabu waan ta'eef fedhii hawaasni murtii haqaa jijjirama

[56] Madda Lakk. 5 ilaalata
[57] Madda Lakk. 3 ilaalata
[58] Tournal of Ethiopian Law, Vol-4, No. 2 Dec. 1967. P. 336

teknolojii fi hawaasummaa keessatti turtii malee argachuuf fedhu guutu waan hin dandeenyeef fooyyaa'iinsa gootee jirti. Rakkoo turtii falmii yakkaa turuuf jecha adeemsa seeraa jiru keessatti murtii saffisa kennuuf tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa uumtee ittiin hojjachaa turrtee haala walfakkaatuun rakkoo qaamolee haqaa naannoo keenyaas mudachaa kan tureedha.[59] Kana waan ta'eef, rakkoo kuufama galmee qabnu hirdhisudhaafis ta'e adeemsa dhagaha falmii yakkaa gabaabsuudhaan murtii saffisaa ta'e kennuuf tooftaan kun naannoo keenyaafiis furmaata tokko ta'u waan danda'uuf muuxannoo kana fudhachuun dirqama ta'e jira.

Kana malees, biyya Faransaayti sadarkaan kenniinsa tajaajila haqaa fedhii miidhamtoota, himatamtoota fi ragoota kan hin quubsinee; yakkoonni raawwataman tooftaaniis ta'e baay'inaan dabalaa waan deemeef namoonni yakka raawwatan seeratti dhiyaachuu dhabuu, fi kan dhiyaatanis adabbii malee gadi lakkifamaa waan turaniif uummanni amantaan qaamolee haqaa irratti qabu akka gadii bu'uu godhee kan tureedha.[60] Haaluma walfakkaatuun, rakkoowwan armaan olitti ibsaman kuniin qaamolee haqaa naannoo keenyaas mudachaa kan turee waan ta'eef, rakkoo kana salphiisuuf ykn ciruma isaa dhabamsisuuf, daangaa seeraa deemsa falmii yakkaa jiru keessatti ququllin murtii osoo hin tuqiin tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa kana qaamolee haqaa hunda keessatti akka diriiruu godhame jira.[61]

Tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa kun biyya keenyatti afaan Inigiliiffaatiin, "Real time dispatch technique in criminal proceedings) maqaa jedhamuun kan beekamu yoo ta'u, biyya Faransaaytti ammoo afaan Faransaayinyaatiin "Conzpartition Immediate Proceeding"[62] jechuun maqaa kenniteef jirti.

Biyya keenyattis ta'e biyya Faransaayti, raawwannaan tooftaa kanaa adda dureedhaan yakkoota harkaaf harkatti raawwataman irratti ta'e;[63] shakkamaan achumatti kan qabamee fi ragaan ifa ta'e kan jiruu fi murtii kennuuf dhimmichi mormisiisaa kan hin taane ta'u qaba.

[59] Madda Lakk. 57 ilaalata.

[60] http://www.justice.gov.za/sa/re/rpapers/rp/pdF. settlement of the court. Acompartive studay of European Criminal jatice system P. 7 o3/05/2002

[61] Madda Lakk. 58 ilaalata.

[62] Madda Lakk. 19, Fuula. 11 fi madda Lakk. 60. Fuula 34 ilaalata.

[63] Madda lakk. 62 ilaalata

Yeroo kana ammoo poolisiin qorannaa eegaluun dura A/Alangaa wajjin walquunamudhaan odeeffannoo barbaachisaa ta'e ni kennaafi, A/Alangaas dhimmi sun kan himachisu ta'uu fi ta'uubaachuu isaa erga qulqulleefatee booda poolisii waliin ta'uudhaan galmee qorannaa qulqulleessuudhaan guyyaadhumma sana himatamaa fi ragoota waliin qabee M/Murtiif ni dhiyeessa.[64] M/Murtiis haala adeemsicha kan beekuu waan ta'eef, himatamaan jecha amantaa kan kennuu yoo ta'e guyyaadhuma sana murtii kennuudhaan dhagaha falmichaa xumura akka argatu godha.[65] Kun kan hin milkoofnee yoo ta'e garuu, m/murtii beellama gabaabaa kennuudhaan guyyoota itti aanaatti murtii kennuu qaba. Kanaaf, akkaataa adeemsa tooftaa saffisaatiin, galmeen qorannaa poolisii fi A/Alangaa biratti kophaa kophaatti kan qoratamu osoo hin taane qaamoleen lamaanuu bakka tokkotti erga tokkotti waliin akka qoratan dirqama irratti gatee jira.

Namni adeemsa tooftaa kanaan himatamee dhaddachatti dhiyaatee abukaatoo isaa mariisisuufiis ta'e ragaa ittisaa dhiyeefachuuf yeroon akka kennamuuf kan gaafatuu yoo ta'e mirgii isaa kuni kan eegameef ta'uu irrattis walitti dhufeenya kan qabnu ta'etti mul'ata.[66] Dhimmi tokko tooftaa kanaan akka ilaalamuu erga dhiyaatee booda kan walnama mormisiisuu fi walxaxaa yoo ta'e gara falmii idileetti akka naanna'uu godhama malee rakkoon kun bakka mul'achaa jirti M/Murtii bira kan hin darbnee ta'uusaatti. [67]

Qabxiiwwan armaan olitti ibsamana kana irratti kan biyya Faransaay wajjin walitti dhufeenya kan qabnu haa ta'uyyuu malee qabxiileen garaagarummaa hedduus waan jiruuf haala armaan gaditti ibsuuf yaalame jira.

B. Garaagarumma

Tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa kana biyya Faransaay irraa kan fudhane ta'uus, ulaagaaleen raawwannaa tooftaa kanaaf barbaachisaa ta'an hundinu walfaana kan fudhatamanii miti. Tooftaa kana hojiirra oolchuu keessatti ulaagaalee dirqama jirachuu qaban garuu, kan keenyaa keessatti akka hanqinaatti kan lakkawwaman ta'uusaatti.

[64] Madda. Lakk. 6, Fuula 84 ilaalata
[65] Madda. Lakk. 60 Fuula 34 ilaalata
[66] Madda Lakk. 62 Fuula 11 ilaalata
[67] Madda Lakk. 66 ilaalata.

Tooftaa kana hojiirra oolchuu keessatti jireenyi ulaagaalee kanaa murteessaadha. Bakka kun hin jireetti waldhabinsa qaamolee haqaa jidduutti uumamuuf akka ka'uumsa ykn sababa tokkotti fudhatamu ni danda'ama. Kanaaf, ulaagaan ifa ta'e iddoo hin jiretti, dhimmi akkamii; yoom fi eenyuun yoo dhiyaatee tooftaa kanaan ilaaluun akka danda'amu rakkisa ta'u ni danda'a. Ulaagaaleen biyyi Faransaay qabduu fi kan biyyi keenya ykn naannoo keenya hin qabne maal akka ta'an mee haa ilaaluu.

1. Yeroo ammaa haala jiruun naannoo keenyatti dhimmi yakkaa tokko tooftaa kanaan ilaaluudhaaf adabii hanga hidhaa waggaa meeqaa kan adabsiisuu yoo ta'edha kan jedhuu ilaalchisee daangaan ta'e hin jiru. Kan biyya Faransaay kan ilaaluu yoo ta'e, yakkii raawwatamee hidha waggaa torbaan oli kan adabsiisuu yoo ta'e, tooftaa kanaan ilaaluun akka hin danda'amne daangaa kaa'anii jiru.[68]

2. Dhimmi yakkaa tooftaa kanaan akka ilaalamuuf dhiyaatee turtii guuyyaa meeqaan booda gara falmii idileetti naanna'uu akka qabu wanti ifatti taa'e hin jiru. Kan biyya Faransaay yoo laaluu garuu, yakkii raawwatamee sun guyyaa shan keessatti qoratamee kan hin dhiyaanee yoo ta'e; galmeen qoraanaa guyyaa kanaan booda dhiyaatu gara falmii idileetti akka deebi'u qabu ifatti ka'ame jira. [69]

3. Dhimmi yakkaa tokko tooftaa kanaan akka ilaalamuu murtii kennuuf qaamni aangoon kennameef gama keenyaatiin wanti ifatti taa'e kan hin jire yoo ta'u; biyya Faransaaytti garuu, dhimmi tokko tooftaa kanaan akka ilaalamu murtii kenuuf aangoon kan himatamaatti.[70] Kanaafu, himatamaan fedhii kan hin qabne yoo ta'e dhimmisaa falmii idileen akka ilaalamuuf murteessuuf seerii aangoo kan kennee himatamaa waan ta'eef qaamni kaamiiyyuu mirga isaa kana irratti murteessu hin danda'u.

Kanaaf, ulaagaaleen armaan olitti ibsaman kun tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa naannoo keenyaa keessatti akka qabxii hirdhinaatti kan ilaalaman keessaa isaan ijoo ta'anii dha.

[68] Madda Lakk. 64 Fuula 86 fi Madda Lakk. 60, Fuula 34 ilaalata

[69] Madda Lakk. 68 ilaalata.

[70] Madda Lakk. 64 Fuula 84, ilaalata.

2.3.2. TSAFY Naannoo Keenyaa fi Kan Biyya UK

A. Walitti Dhufeenya

Tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa biyyoota itti fayyadamaa turan keessaa UKn ishee tokko ta'u armaan olitti ibsame jira. Muuxannoon biyya UK kun kan naannoo keenyatti ittiin hojjachaa jiruuf fakkeenyummaan inni qabu maal akka ta'e kutaa kana jalatti kan ilaaluu ta'a.

Haaluma walfakkaatuun, biyyi UKs rakkoo kuufama galmee ishee muddatee turee salphiisuu, akkasumas, adeemsi dhagaha falmii yakkaa baayee harkifataa kan turee waan ta'eef uummataaf tajaajila haqaa saffisaa ta'e kennuu waan dadhabaniif adeemsa falmii yakkaa irratti qo'annoo geggeessuudhan fooyyaa'insa godhaniru.[71] Haaluma kanaan fooyyaa'insaa kana keessatti tarkaaniifiin fudhataniin hojii qorannaa poolisii biratti kophaatti hojjatamaa turee hambisuudhaan calqabuma qorannaa irraa kaasee A/Alangaa fi poolisiin qorannaa yakkaa kamiiyyuu waliin akka geggeessan godhaniru.[72] Kun ammoo dhamaatii poolisii kan salphiisee fi galmeen akka duraani jidduu qaamolee kanaatti waan hin dedeebineef, haala saffisaa ta'een qorannaa xumuruudhaan ensuma galmee gara M/Murtii dabarsuuf haala mijaa'a ta'e kan uumee dha.

Biyya UKtti yakkii raawwatamee salphaa fi yakkii harkaaf harkaatti raawwatame yoo ta'e tooftaa kanaan kan ilaalaman waan ta'eef, kan keenya waliin kan walfakkaatu dha.[73] Yakkootiin akkas yeroo raawwataman qorannaan isaanii guyyaadhuma tokkoon kan raawwatamu waan ta'eef galmeen qulqullaa'e ensuma gara mana murtii tti akka darbuu waan godhamuuf murtiin guyyaa tokkoon ykn borumtisa kan itti kennamu ta'a.[74] Haala biyya keenyaas yoo ilaalee himatamaan gocha isaa kan amanee yoo ta'e murtiin guyyaa dhuma tokkon kenamaa jira. Akkasumas, himatamaan tarii ragaa ittisaa ni qaba yoo jedhee, m/murtii guyyaa beellama muraasa kenamuuf keessatti ragaa isaa kan dhiyeefatu yoo ta'e

[71] Madda Lakk 9. Fuula 1-2 ilaalata.
[72] Madda Lakk. 28. Fuula 6 fi 7 fi Madda Lakk. 1, Fuula 2 ilaalata.
[73] Madda Lakk. 71 Fuula 2 Madda Lakk. 60, Fuula 30-31 ilaalata.
[74] Madda Lakk. 1, Fuula 2 ilaalata.

ragooleen isaa akka dhagahamuuf erga godhamee booda murtii kan kennamu ta'u irrattis waltti dhufeenya ni qabana. [75]

B. Garaagarummaa

Biyya UK ti poolisii fi A/Alagaa waajjira dhaabataa uumuun qorannaa waliin kan geggeessan yoo ta'u, yeroo ammas haaluma walfakkaatuun itti fufaani jiru. Waajjiri kunnis "Criminal Justice Units" maqaa jedhuun kan hundeefameedha.[76] Akkaataa tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa biyya UK tiin dhimmi yakkaa tokko toofta kanaan ilaalamuu kan danda'u yakkii suni adabbii hidhaa haqaa wagga tokko qofaan kan adabsiisuu yoo ta'eedha waggaa tokko oli kan adabsiisuu yoo ta'e falmii idileetiin kan ilaalamuu ta'a. haata'utii, yakkoonni kan akka ajeechaa lubuu, humnaan gudeeduu, saammichaa cimaa fi yakka qabeenyaa cimaa yoo ta'e haala kamiinuu adeemsa tooftaa kanaan kan ilaalamanii miti. Naannoo keenyaatti garuu, daangaan hanga adabii ifatti ta'e kan hin jire waan ta'eef yakki sanaa ol adabsiisuus adeemsa tooftaa kanaan ilaalamaa kan jiru ta'uusaa galmee murtii argatee irraa hubachuu danda'ameera. [77]

Garaagarummaan kan biroo ammo himatamaan gochaa isaa amanuu yoo baatee fi tooftaa kanaan akka ilaalamuuf fedhii kan hin qabnee yoo ta'e aangoon murteessummaa kan himatamaa qofaa dha.[78] Gara naannoo keenyaatti yoo dhufinu garuu, himatamaan yeroo baay'ee nama murteessaa ta'e miti. Dhimma kana irratti kana ta'u qabaa jedhee ifatti seeraan wanti lafa ta'e kan hin jire ta'uusaatti.

Walumagalatti, waa'e tooftaa saffisaa ilaalchisee muuxannoon biyyoota kana lamaan fi kan naannoo keenyaa wajjin walitti dhufeenya qabnuu fi garaagarummaan qabnu maal akka ta'e laalee jira. Kanaaf, naannoo kan keenya keessatti ulaagaalee tooftaa saffisaa akka hanqinaatti mul'atan kana ifatti qajeelfama itti baasuun qaawwa kana cufuun barbaachisaadha. Bakka ulaagaaleen kun hin jireetti, qaamolee haqaa waliigalteen akka hin hojjannee fi mirgoota himatamaa irratti dhiibbaa guddaa fiduu waan danda'uuf seeraa itti

[75] Gaaffii Afaani Obbo Faayisa Shummaa Pireezidantii M/Murtii Aanaa Caliyaa. 02/04/2002
[76] Madda lakk. 28, Fuula 6
[77] Madda lakk. 60 Fuula 31 ilaalata. Fi A/A Vs Saawu'el Damisee (MMOG/L/Hararge Lak. G. 13454, 2002 (kan hin maxanfame)
[78] Madda lakk. 77. Fuula 30 ilaalata

baasuun daangaa uumuun gaarii ta'a.[79] Raawwiin tooftaa kanaa sadarkaa amma irraa jiru caalaa cimee akka deemuu gochuuf ulaagaaleen barbaachisa kun haala ifaan taa'uu akka qaban ibsee darbuun barbaada.

Haa ta'utii, adeemsa tooftaa kanaa ilaalchisee qo'annoon bara 2002 keessaa gaggeefame yoo ilaaluu; hanqinnoon kun hunda bakka jiranti haallii raawwannaa tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa sadarkaa gaarii irraa kan jiru ta'uusaa qo'annoon kun mul'isee jira.[80] Kun ammoo kan argisiisuu kutannoon hojii qaamolee haqaa bira jiru hagam cimaa akka ta'e ragaa guddaa ta'u kan danda'udha. Kanaaf, ulaagaalee kana qaamoleen kun akka argatan yoo godhamee uummannii tajaajila haqaa qulqulluu ta'e haala si'oomina qabuun akka argatu gochuuf kan dandeesisuu ta'a. kana malees, ragoonnii yeroo beellamaa adda addaa kennamuun akka hin dhamaanee gochuu irrattis shoora guddaa kan qabudha. Akkasumas, tooftaan kun baasii fi yeroon hirmaatootas akka quusatamuu kan godhuu waan ta'eef haala ciminaa fi itti fufinsa qabuun itti hojjachuun barbaachisaa dha.

[79] Gaaffii affani Adde Aboonash Balachaw, It/G/A/Alangaa Aanaa Aqaaqii, 25/03/2002.
[80] Gaaffii barreefamaa 136 keessaa 99 kan ta'uu gaarumaa isaa kan ibsameedha. 2002

BOQONNAA SADII

3. RAAWWANNAA TOOFTAA SAFFISA ADEEMSA FALMII YAKKAA: Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa.

Seensa

Ibsa keenya boqonnaa lamaffaa jalatti maalummaa tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa, adeemsoota biroo waliin walitti dhufeenyaa fi garaagarumaa inni qabu, dabalataaniis amalaa addaa tooftaan kun qabu maal akka ta'e ibsi itti kenname jira. Kana malees, sadarkaa, walitti dhufeenya fi garaagarummaan tooftaa saffisaa falmii yakkaa naannoo keenyaa fi kan biyyoota biroo maal akka fakkaatuu haalaan sakkatamee jira. Haala qabatamaa naannoo Oromiyaatti; rawwannaan tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa sadarkaa maalii irra akka jiru boqonnaa kana jalatti kan sakkatanuu ta'a. Boqonnaa kun mata dureewwan xixiiqqoo adda addaatti kan qoodamee dha. Kunnis, raawwii tooftaa kana keessatti mirgoonni himatamaa haala akkamiin kabajamaa akka jiran fi dhiibbaan adeemsa kanaan dhufee yoo jiraatee odeeffannoo sasaabamee waliin kan xinxaalawuu yoo ta'u; faayidaa ykn bu'aan fi akkasumas, qulqullina galmee qorannaa fi murtii irratti hanqini tooftaa kanaan mul'atee yoo jiraate haala walfakkaatuun odeeffannoo qaamolee haqaa irraa argameen deegaruu dhaan xinxaallii godhameera.

3.1. Mirgoota Himatamaa Fi TSAFY

Kabajamni mirgoota namoomaa hundee walabumaa, haqaa, nagaa fi tasgabbii waan ta'aniif dhala namaaf murteessaa ta'uun isaa erga hubatamee bubbuleera.[81]

Mirgoonni fi walbummaan uumamaa dhala nama guutummaatti kabajamuu fi kabajmuu dhabuun isaa biyya kamiyyuu keessatti kan nama mudatu ta'uusaa waan tokko ta'uus, yaadni olitti ibsame kun biyya keenya keessatti fudhatam argachuudhaan heera

[81] Dikilaaraasiyoona Waliigalaa Mirgoota Namoomaa Addunyaa, Labsii Mootummoota Gamtooman, Mudde 10, Bara 1948 kan bahee

mootummaa[82] keessatti bu'uura ta'ee tumamuun mataan isaa faayidaa ol'aanaa kan qabuu dha.

Haaluma kanaan, heera FDRI fi Naannoo Oromiyaa keessatti tumaaleen mirgoota namoomaa idoo ol'aanaa qabateetti mul'ata. Boqonnaa 3ffaa heerichaa, tumaaleen heerichaa harkii tokko, waa'ee mirgoota namoomaa kan oguugganiidha. Heerichi mirgoota namoomaa haala bal'ina qabuun tumuu isaa irra iyyuu waliigalteewwan Addunyaa Itoophiyaa fudhatte qaama seera biyyatti ta'uu (kwt. 9(4) jaltti waan eeruuf, sanadootni mirga namoomaa addunya hundi qaama seeraa biyyatti ti jechuun ni danda'ama. Tumaaleen mirga namoomaa kunis haala sanadoota mirga namoomaa Itiyoophiyaan fudhatte waliin haala wal-simataniin hiikamuu akka qaban heera keenya kwt. 13(2) jaltti tumameera.

Kanaafu, akkaataa tumaalee sanadoota kanaatiin haala waliigalaa ta'een mirgoota kaneen mootummaa kabjuu fi kabachiisuu dirqama akka qabuu dha. Haaluma walfakkaatuun, qaamotni mootummaa hundi mirgoota namoommaa kabajuuf dirqama kan qaban ta'uun jala muramuu kan qabuudha.[83] Keessattuu, mirgoota namoota shakkamani qabamanii fi himataman ilaalchisee qaamoleen haqaa (M/Murtii, A/Alangaa fi poolisiin) yoo iaalu mirgoota kana kabajuu fi kabachisuu keessatti qaamota mootummaa jiran keessaa qaamoleen kun ittigaafatamummaa ol'aanaa kan qaban ta'uusaa hubachuun barbaachisaadha. Waa'e ka'uumsaa fi dhufaatti mirgoota namoomaa amma kana erga jennee booda mirgoonni namoota himatamaniif heeraa[84] fi sanadoota waliigaltee mirgoota addunyaa[85] keessatti beekamtii argatan kun haala qabatama raawwannaa tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa keessatti sadarkaa maaliirra akka jiru odeeffannoo qo'annoodhaan argamee waliin ilaalamanii jiru. Mirgoonni himatamaaf kabajamuu qaban kunis, mirga wabiin bahuudhaan ala turuudhaan dhimma of hordofuu; mirga ragaa ittisa dhiyeefachuu fi dhageesifachuu, mirgaa abukaattoo mataa ofiin filatee ykn mootummaan ramaduuf mariisuudhaaf yeroo gahaa ta'e argachuu, mirga himannaa fi ragaa A/Alangaa dursee

[82] Heera Mootummaa Feederaalaa Itoophiyaa Federal Nagariti Gaazeexaa Labsii Lak. 1/1995 fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Magalata Oromiyaa, Labsii Lakk. 46, Bara 2000

[83] Heera FDRI. Kwt. 13(1) ilaalata.

[84] Heera FDRI. Lakk. 2 kwt. 13(1)

[85] Waliigaltee mirgoota siviilii fi siyaasaa Addunyaa

beekuu fi gargalchaa himannaa argachuu kan of keessaa qabuudha.[86] Mirgoonni namoota himatamanii kun raawwii tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa keessatti hangam kabajamaa akka jiran odeefannoo qaamolee haqaa naannoo Oromiyaa irraa argame bu'uurefachuudhaan haala armaan gadiitti xinxaalamee dhiyaateera.

3.1.1. Mirga Wabii Ilaalchisee

Haala adeemsa raawwii tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa yammuu ilaalu adeemsa falmii yakkaa idilee irraa amala adda ta'e kan qabuu dha. Adeemsa haaraa kanaan yakkii tokko bataluma raawwatamee irraa jalqabee poolisii fi A/Alangaa qorannaa waliin kan adeemsisan waan ta'eef, galmee qorannaa ensuma xumuruudhaan himatamaa murtiidhaaf dhaddachaatti kan dhiyeessan yoo ta'u,[87] mirgi wabii ammoo sadarkaa falmii yakkaa dhaddacha duraa (in pre-trial proceedings) keessatti kan eegamu dha.[88] Akkaataa adeemsa kanaan, sadarkaan falmii dhaddacha duraa kun akka hafuu waan godhameef gaaffii kana kaasuudhaaf himatamaan yeroo waan hin qabneef adeemsa tooftaa kanaan carraan mirga kanatti fayyadamu itti danda'u baayee dhiiphatee jira.[89] Haaluma kanaan, himatamaan hanga M/Murtiitti dhiyaatee dhimmisa ilaalamutti too'annaa poolisii jala akka turuu ni godhamaa;[90] akkasumas, himannaan kan dhiyaate adeemsa tooftaa kanaan yoo ta'e, gaaffii mirga wabii himatamaan dhiyeessuu manni murtii yeroo baayee kuufaa waan godhuuf murtiidhaan dura hiidhame akka turuu kan godhamu waan ta'eef; mirga murtiin dura qulqulluu ta'e ilaalamu (The Right to presumed innocent) qabu adeemsa kanaan daangeefameera jechuun ni danda'ama.[91]

Heerrii mootummaa fedeeraalaasi ta'e kan naannoo keenyaa dabalatee namni himatame tokko mana murtii seeraan dhaabbatee balleessaa ta'uu isaa hanga murteessutti; akka nama qulqulluu ta'etti fudhatama kan jedhuu wajjiin kan deemu miti. Kana yoo ta'e ammoo seerii

[86] Madda Lakk. 3 kwt. 19 fi 20

[87] http://hansar.millbanksystems.com/lords/1997/Feb/27/ delay in the criminal justice system. P. 2 gaafa 5/09/2002 kan ilaalame.

[88] Heera FEDRI Madda Lakk. 6 Kwt. 19(6)

[89] Gaaffii Afaanii Ob. Muligeetaa Fraassaa It/G/W/Haqaa Aanaa Caliyaa 02/04/2002

[90] Gaaffii Afaani Ob. Mhahaammad Jimmaa waliin taasifame pieezidanti MMO G/L/Sahwaa. 25/03/2002

[91] Madda lakk. 10 ilaalata.

kan dhorkatu yoo ta'e male hanga murtiin itti kennamutti namni himatamee kamiiyyuu mirga wabii argachuuf mirga seeraan kabajame ni qaba. Haa ta'utti, dhimmoonni tooftaa kanaan mirtii argatan yeroo sadkkata'amu, himatamaan mirga wabii kana kan gaafatuus yoo ta'e murtiin guyyoota lama ykn sadii keessatti ni kenamaaf yaada jedhuu irraa kan ka'e mirgi kun dhorkamaa kan jiru ta'uusaa gaaffii afaanii himatamtoota waliin godhamee irratti yaada isaani kenaaniin jiru.[92] Kanaaf, namni adeemsa tooftaa kanaan himatamee M/Murtii tti dhiyaatee mirga kanatti fayyadamuuf tokkoffaa, yeroon inni qabu baayee dhiiphaa ta'uusaa irraa akn ka'ee yeroo baayee gaaffii kana kan hin kaasinee ta'u,[93] fedhii dhagaha falmii saffisiisuu qaamolee haqaa bira jiru wajjin walqabatee gaaffii mirga wabii kana bakkii itti keessumeessaa jiran kan hin jire ta'u odeeffannoon argamee kan ibsu ta'uusaatti.[94] Haa ta'utti, dhagaha falmi darbee darbee beellamaan kan buluu yoo ta'e malee, yeroo baayee haala adeemsa tooftaa kanatiin himatamaan hidhame osoo hin turiin ensuma murtii waan argatuuf, bilisa bahuus ykn murtii dhummaa argachuus waan danda'uuf adeemsi kun mirga wabii himatamaa kan dhiibbuu miti jechuun namoonni mormaanis kan jiran ta'u asirratti hubachisuun barbaachsaa dha. [95]

3.1.2. Mirga Abukaatoo Filatee Mariisisuu

Adeemsa dhagaha falmii yakkaa keessatti mirgoota himatamaaf kabajamuu qaban keessa mirgi abukaattoo ykn gorsaa seeraa filatee mariisisuu isaa tokkoodha. Adeemsii tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa murtii ariifachisaa kennuuf kan nu tajaajiluu haa ta'uuyyuu malee mirga kana garuu haala daangeessuun hojiirra ooluu hin qabu. Kunnis, mirgi kun akkuma mirgoota kaaniitii mirga heeraan[96] eegame waan ta'eef qaamolee haqaa mirga kana himatamaadhaaf eeguuf dirqama ni qabu. Haa ta'utti, dhimmi yakkaa dhiyaatee tokko adeemsa tooftaa saffisaan kan ilaalamuu yoo ta'e dhagaha falmichaa beellama malee kan ilaalamu waan ta'eef himatamaan gorsaa seera isaa mariisisuuf yeroon qabu baay'ee

[92] Gaaffii afaani ob. Fitsum G/Kirstoos waliin godhamee himatamaa (G/L/Shawaa 28/03/2002)

[93] Gaaffii afaani ob. Mohaammad Yaasiin waliin godhamee B/B pireezidaati MMO G/L/Harargee, 21/04/2002

[94] Madda lakk. 9 ilaalata.

[95] Gaaffii afaani ob. Mitikuu Qalamawarqi It/G/W/H/G/Wallaga bahaa 07/04/2002

[96] Heera FDRI ykn MNO kew. 20(6)

dhiiphaa dha.[97] Akkaataa barreessaa Albin Eser[98] tiin; tooftaa saffisaa hojiirra olchuu jechuun murtiin kennamuu ariifataa ta'uus himatamaan mirga gorsaa seeraa isaa qaama himateef dabrsee akka kenuu kan godhuudha jechuun yaada mormii kaaseen ibsee jira. Kun ammoo jedha himatamaan mirga seeraan eegameef jala muluuquu waan ta'eef adeemsichi miidhaa cimaa kan fiduudhaa jedhee jira.

Odeeffannoon qo'annoo kana irraa argamees yoo ta'e yaaduma barreessaan kun armaan olitti ibsame kana kan cimisu ta'uusaatti. Haaluma kanaan, adeemsi tooftaa saffisaa adeemsa gabaabaadhaan murtii argiifachisaa kennuu irratti kan xiyyeefatuu waan ta'eef, himatamaan mirga wabiin bahee abukaattoo isaa mariisisuuf heeraan gonfatee ni daangeessaa.[99] Kunis, abukaattoo isaa mariisisuuf yeroon inni qabu baay'ee dhiiphaa waan ta'eef turtii gabaabaa kana keessatti waa'e mirga kanaa haallii itti yaadatee gaaffii kaasuu itti danda'u hin jiruu. Keessattu, yakkaa harkaaf harkaatti raawwatee namnii qabame bataluma sanatti buufataa poolisii kan deemuu waan ta'eef, waa'e qorannaa geggeefamu yaaduun alatti waa'e mirga kanaa ilaalchisee gaaffiin himatamaa biraa ka'uu baay'ee xiqqaa dha;[100] kan gaafatuu yoo ta'eellee batalumatti mana murtiitti akka dhiyaatu waan taasifamuuf mirga kanatti fayyadamuuf carraan inni qabu baayee dhiiphaadha.

Karaa biraatiin, mirga kanatti fayyadamu irratti muuxannoon himatamtooti bira jiruus baay'ee xiqqaa waan ta'eef, gaaffiin akkanaa sadarkaa qorannaatti miti sadarkaa dhagaha falmii dhaddachaa irratti iyyuu kan beekamuu miti jechuun namooti gaaffii afaani deebisan keessaa %100 kan ta'en haaluma walfakkaatuun deebii kenaniiru.[101] Kanaafu, tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa himatamaan abukaattoo filatee mariisisuuf yeroo kan hin kennineef waan ta'eef mirga isaa kana kan daangeesuudha jechuun ni danda'ama.

3.1.3. Mirga Raga fi Himannaa Itti Dhiyaate Dursee Argachu

[97] http://www.tredok.uni-freiburg.de/volltexte/3763/pdf/Eser. the accelention of criminal proceedings. Pdf. P. 18, gaafa 03/02/2010 kan ilaalame.

[98] Madda lakk. 17, Fuula 20 fi madda lakk. 7. Fuula 6 ilaalata.

[99] Gaaffii afaani ob. Addunyaa Nagaassaa waliin godhame (pireezidanti MMO G/B/Wallagaa 05/04/2002

[100] Gaaffii afaani ob. Kabadaa Garoomsa waliin godhame (pireezidaanti MMA Tokee Kutayee 01/04/2002

[101] Gaaffii afaani It/G/M/Murtii, W/Haqaa fi poolisoota namoota 45 waliin godhame Muddee 2002

Namni himatame kamiyyuu himannaa fi ragaan akkami akka itti dhiyaate dursee akka beekuu, gargalcha himannaa fi ragoonni itti rageesssan eenyuuffaa akka ta'an maqaa isaani waliin argachuu akka qabu mirga heeraan eegameedha.[102] Himatamaan himannaa fi ragoota kana dursee kan beekuu yoo ta'e falmii dhaddachaatiif qophii barbaachisaa ta'e godhee dhiyaachuuf kan isaa gargaaru ta'a. Haa ta'utti, adeemsa tooftaa saffisaa keessatti himatamaan mirga kanatti fayyadamaa hin jiru.[103] Sababni isaasi namni qabame sun ensuma qoratamee M/Murtii tti yoo dhiyaatu himanni dhaddacha irratti kan kennamuuf waan ta'eef himannaa itti dhiyaate sirriitti addaan baafate qophii gochuudhaaf yeroo gahaa ta'e waan hin qabneef mirga isaa kanatti fayyadamuu hin danda'u. Galmee adeemsa tooftaa saffisaa kanaan murtii argatan hundaa irraa hubachuun akka danda'ametti hamatamaaf himannaan dhaddachaa irrtti kenameefi kan jedhuu malee dursaan gahee kan jedhuu hin jiru. [104]

Namooti 136 gaaffii barreefama akka guutan godhaman keessaa; adeemsi tooftaan saffisaa falmii yakkaa mirga himatamaa heeraan eegameef ni dhiibbaa namoonni jedhan lakkoffisaan 52 (%38) kan ta'an yoo ta'u; lakkofis isaani haa xiqqaatu iyyuu malee adeemsi tooftaa saffisaa kun mirga himatamaa kan dhiibbuu ta'uusaa deebii namooti kana irraa hubachuun ni danda'ama.

Kanaafu, adeemsa tooftaa saffisaa falmii yakkaa keessatti himatamaan himannaa fi ragootti itti dhiyaatan, dursee kan argatu osoo hin taane bataluma dhaddachatti dhiyaaten kan itti kennamu waan ta'eef; haala himannaa hubatee qophii barbaachisaa ta'e gochuudhaan of irraa ittisuuf yeroo kan hin qabane waan ta'eef, mirga isaa kana kan dhiibuu dhaa jechuun ni danda'ama.

3.1.4. Mirga Ragaa Ittisa Dhageesifachuu

[102] Heera FEDRI fi MNO, madda lakk. 8, kwt. 20(4)

[103] Gaaffii afaani ob. Hamiid Finiisoo waliin godhame (It/W/Haqaa G/B/Shawaa, 14/04/2002)

[104] A/Alangaa Vs Masarat Lammii (MMA Amboo, Lakk. G. 20841, 29/3/2002) fi Galmeewwan ilaalaman kan hafan hundaa (kan hin maxanfamne).

Mirgootni himatmaan qabu keessaa mirgi ragaa ittisaa dhiyeefate dhageesifachuu heeraa [105] fi seera deemsa falmii yakkaa [106] keessatti mirga iddoo ol'aanaa qabu dha. Namooni tokko tokko sobaan nama himachuus waan danda'aniif, namni qulqulluu ta'e tokko dhimma badii isaa hin taaneen mana hidhaa akka hin buune mirga ofirraa ittisuu kanatti gargaaramee qulqullina isa mrikaneefachuuf kan gargaaruudha.

Gaaffii afaanii ittigaafatoota M/Murtii, A/Alangaa fi poolisii waliin godhamee irraa hubachuun akka danda'ametti; tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa keessaatti murtiin kenamu ariittidhaan waan ta'eef mirga ofirra ittisuu himatamaan qabu kan dangeessuu dha jedhanii jiru.[107] Akkasumas, himataan ofiirra ittisuuf yeroo beellama kan gaafatu yoo ta'e, yeroon beellamaa keenamu a/seera tokko irraa kan birrooti kan wal caaluu yoo ta'u; innis yoo ta'e baay'ee gabaabaadha. Himatamaan ragaa ittisaa akka dhiyeefatu beellamni yoo kennamees ragoonni isaa lafa fagoo irraa kan dhufan waan ta'eef guyyaa beellamaatiif hin qaqqabaniif.[108] Haaluma walfakkaatuun, gaaffii barreefamaa deebii kennitootni 136 guutan yoo ilaalalamu namooti 52 (%38) akka jedhantti, toofta saffisa adeemsa falmii yakkaa mirga ofirraa ittisuu seerrii himatamaaf eegee kan dhiiphisuu ta'uusaa ibsanii jiru. Keessattu, himatamtootni adeemsa tooftaa kanaan adabaman gaaffii kana yammuu guutan tooftaan kun mirga isaani mirga ofirraa ittisuu daraan kan dhiiphisee ta'uusaa deebii kenaan irraa hubachuun danda'ameera.[109]

Namni tokko sababaa fi haala adda addaa irraa kan ka'e himatamu ni danda'a. haa ta'uti himannaan itti dhiyaate sobaa fi dhugaa ta'uusaa addaan baasuuf ragaa ittisaa akka dhiyeefatu gochuun murteessaa dha. Kanaaf, ol'aantumaa seeraa mirkaneessudhaaf tumaalee heeraa fi seera adeemsa falmii yakkaa keessatti illma namaaf eegamaan haalaan kabajanni kabachisuun dirqamaa fi gahee qaamolee haqaa hundaatti.[110] Himatamaan ragaa ittisa akka dhiyeefatuuf yeroon beellama kennamaa jiru godhina godinatti, aanaa tokko

[105] Heera FDRI kwt. 20(4)
[106] Seera deemsa falmii yakka Itiyoophiyaa, Nagarit Gaazeexaa, Labsii lakk. 185/1954. K. 142
[107] Gaaffii afaanii It/G/Lakk. 45 ta'an waliin taasifamee Mudde, 2002
[108] Gaaffii afaani ob. Mohammad Yaasiin waliin godhame (B/B Pireezidantii MMO G/L/Harargee 21/04/2002
[109] Gaaffii Barreefamaa Mana Sirreessaa G/L/Harargeetti himatamaan guutamee 22/04/2002
[110] Heera FDRI kwt. 20(4) fi SDFY, kwt. 142. Olitti ibsame

irraa garu aanaa biratti adaan baatee waan qabuuf himatamtootni tajaajila haqaa walqixaan argachaa hin jiran.[111] Kanumaa wajjin walqabate, himatamatootni yeroo kan gaafatan yoo ta'e guyyaan beellamaa kenamuus abbooti seeraa tokko irraa kan birootti addaa addaa waan ta'eef bifa walfakaataa ta'een hojjatamaa hin jiru jedhanii jiru.[112] Kun ammoo mirga haala walqixa ta'een murtee haqaa argachuu heerii mootummaa lammii hundaaf mirkaneessee kan dhiibbu dha. Walumagaltti, himatamaan himannaa itti dhiyaate ofiirraa ittisuu ilaalchisee mirgi qabu dhiiphiina yeroo irraa kan ka'e carraan qabu hin jiru jechuun ni danda'ama.

3.2. Hanqinoota Raawwii Keessatti Mul'atan

3.2.1. Dhabamu Ulaagaa Fi Faayidaa TSAFY Qabu

Tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa hojiirra akka ooluu yeroo godhamu ulaagaalee barbaachisaa ta'an waliin kan hin diriiree ta'uusaa qo'annoon kun mirkaneesseera. Dhimma kana ilaalchise gaaffii qaamolee haqaaf dhiyaatee irraa hubachuun akka danda'ametti, hanqinni ulaagaalee kun kan jiran ta'u ibsani jiru.[113] Fakkeenyaaf namootii 136 gaaffii barreeffama guutan keessaa namoonni 101 (%74) kan ta'an hanqinni ulaagalee akka jiru ibsani jiru. Kunnis, raawwannaan tooftaa kana yakkoota hidhaa hanga waggaa meeqaa kan adabsisaniif akka fayyadamuu qabnuu ifaan ifatti wanti ta'ee hin jiru; yakkii erga raawwatee kaasee hanga guyyaa meeqaa keessatti M/Murtii tti kan dhiyaata yoo ta'e tooftaa kanaan ilaaluun akka danda'amu iftoomaa hin qabu; akkasumas, dhimmi tokko tooftaa kanaan ilaalamu qaba ykn hin qabu jedhee murteessuuf aangoon kan M/Murtii, A/Alangaa, ammoo kan poolisii akka ta'e qajeelfamni dhimma kana addaan baasee kaa'e hin jiru jedhani jiru.[114]

Ulaagaaleen keennin ifatti bahuu dhabuun isaani miidhaa fidee jira yaada jedhuu yoo laaluu deebiin argamee kana fakkaata. Daangaan ifa ta'e waan hin teenyeef dhimma hundaa gara tooftaa saffisaatti arkisuun karaa abbaa alangaa fi polisii kan calqisuu ta'uusaa ibsanii jiru.[115]

[111] Gaaffii afaani ob. Mohammad Jimmaa (pireezidanti MMO G/L/Shawaa, 29/03/2002
[112] Gaaffii afaani Manmoo Oliqaa waliin godhee hidhama M/S/G/B/Wallgaa, 06/04/2002
[113] Gaaffii afaani ob. Addunya Nagaasaa waliin godhame (pireezidanti MMO G/B/Wallagaa 05/06/2002
[114] Gaaffii afaani Buzunahi Gatamaa waliin godhame pireezidantii MMA Amboo 28/03/2002
[115] Gaaffii afaani ob. Balchaa Cuqaalaa waliin godhame pireezidantii MMA Boosat 22/03/2002

Kana malees, dhimmi yakkaa tokko guyyaa rawwatamee kaasee hanga guyyaa meeqaa jidduutti mana murtii yoo dhiyaatee tooftaa kanaan ilaalaamu akka qabu wanti ifaatti ta'e waan hin jireef, godina Harargee Lixaatti:[116] fakkeenyaaf yakkii raawwatamee hanga guyyaa 10 keessatti yoo dhiyaatee tooftaa kanaan ilaalamaa kan jiru yoo ta'u; Godinoota biraa keessatti garuu guyyaan akkastti murtaa'ee taa'ee hin jiru. Dhimmi yakkaa tokko tooftaa kanaan akka ilaalamuuf fedhiin poolisii fi abbaa alangaa bira jiru baay'ee cimaa waan ta'eef; gaaffiin kun ammoo mirgoota himatamaa waliin deemuu yoo baatee M/murtii gaafficha kufaa gochaa waan jiruuf walitti dhufeenya qaamolee kanaa irratti dhiibbaa kan qabu ta'uusaa bal'dhaan yaada ka'edha.[117] Kana irraa kan ka'e poolisii fi abbotiin alangaa qaama adda addaatti hirkachuudhaan M/Murtii akka waan rakkoo uumaa jirutti qaama biraati odeefannoo dabarsuun dhiibbaa garagaraa uumauuf fedhin kan jiru ta'u.[118]

Walumaagalatti, rakkoon dhabamuu ulaagaalee kanaa walitti dhufeenya qaamoleen haqaa qaban booressuu irratti gahee guddaa kan qabuudha jechuun ni danda'ama. Dhimmi haaraa ta'e tokko yeroo hojiirra ooluu wanti qaawaa uumuu danda'uu haala itti cuufuumuu danda'unn kan hin diriiree yoo ta'e waldhabdee qaamolee haqaatiif ka'uumsa ta'u ni danda'a. Asirratti, tooftaa saffisaa kun rakkoowwan armaan olitti ibsaman haa qabatuyyuu malee faayidaa adda addaa uummataafiis ta'e qaamolee haqaaf buusaa akka jiru qaamoleen gaaffin dhiyaateef haala gaariin kaasanii jiru.[119] Faayidaan isaas yammuu ibsan murtiin akka ariifatuu, galmee kuufamaa turee akka salphatu fi keessattu, hidhamaan buufata poolisiitti hidhame haalii itti turuu danda'u akka hin jiraan godhee jira, yaadni jedhuu akka fakkeenyaatti ka'e jira.[120]

Kanaaf jedhuu, adeemsi kun qajeelfama ifa ta'e yoo qabatee fi sirriitti kan ittiin hojjatamu yoo ta'e, tooftaan kun uummataafis ta'e qaama gara biraaf faayidaa guddaa argamsisuu ni danda'a jechuun yaada qaban ibsani jiru.[121] Kanaafu, tooftaa kana lafa qabachisuudhaaf

[116] Gaaffii afaani ob. Abdulahi Mahaammad waliin godhamee It/G/W/Haqaa G/L/Harargee 20/04/2002

[117] Gaaffii afaani ob. Mulugeetaa Furgaasa waliin godhame It/G/W/Haqaa Aanaa Caliyaa, 02/04/2002

[118] Gaaffii afaani ob. Mahaammad Jimmaa (pireezindanti MMO G/L/Shawaa, 29/03/2002

[119] Gaaffii barreefamaa guutame Mudde, 2002

[120] Gaaffii afaani Ins/Yoohaanis Nagawoo It/G/Poolisii Aanaa Loomee 23/03/2002

[121] Gaaffii afaani, Tarreessaa Kaasaa waliin godhame ajaja poolisii G/L/Shawaa, 28/03/2002

ulaagaan sirriitti qaphaa'e kan bahuu yoo ta'e adeemsichi kan nama hojjachisuu jechuun ni danda'ama.

3.2.2. Galmee Qorannaa

Adeemsa tooftaa saffisaan walqabatee qorannaan adeemsifamaa jiru fedhii murtii ariifachisaa kennisiisuu irraa kan ka'e jarjaartiidhaan waan geggeefamuuf qaamoleen qorannaa irratti hirmaachaa jiran qulqullina galmeef xiyyeefannoo itti kennaa kan hin jiree ta'uusaa tti.[122] Innis, galmeen gadifageenyaan kan hin qoratamne waan ta'eef ragaan teekiniikaa sirritti hin sasaabaamuu, akkasumas, namoonni walfaana himatamuu qaban keessaa gariin osoo hin himatamiin akka bira darbaman ta'e jira.[123] Hanqinnooni galmee qorannaa keessatti mul'atan baay'een isaani sababa hanqina dandeetti wajjin kan walqabatan ta'uusaa odeefannoon argame irra hubachuun danda'ameera.[124]

Qaamolee haqaa gaaffii barreefamaa guutani deebisan 136 keessaa %22 (lakk. 30) kan ta'an rakkoon hanqina qulqullina qorannaa qaamolee lamaan kan biratti akka mul'atuu ibsani jiru.[125] Haaluma walfakkaatuun, qaamolee haqaa gaaffii afaani waliin adeemsifame keessaa %22.2 kan ta'an qorannaan yeroo ammaa poolisii fi A/Alangaa biratti adeemsa tooftaa kanaan geggeefamaa jiru qulqullini isaa kan gadii bu'ee fi, qorannaan haala gadii fageenyaa qabuun raawwatamaa kan hin jire ta'u deebii isaan irratti bisani jiru.[126] Galmeen tooftaa kanaan murtii argatan yoo sakkata'amaniis yaaduma kana kan deegaran ta'uusaattii. Galmee ilaalaman keessaa fakkeenya kan ta'an: himannaa A/Alangaa galmee yakkaa lakk. M/D/0086/2002 irratti ob. Sisaay Zawuduu himatamee yoo ilaalamu, himatamaan kun gaaffa 27/3/2002 A.L.I tti halkan keessaa sa'aatti 6:30 yoo ta'u meeshaa waraanaa shaguuxii makkaaroof rasaasaa fakkaataa 5 waliin qabate hoteela afoo dhabachaa turee poolisii argee yoo baqatuu qabamee jira. Meeshaa himatamaa kana harkatti qabamee ilaalchisee eessaa

[122] Gaaffii afaani, ob. Malaakuu Nigusee It/G/W/Haqaa Aanaa Ciroo waliin godhame, 22/04/2002

[123] Gaaffi afaani Kom. Dabalaa Abdisaa, Ajaja Poolisii M/Naqamte waliin godhame 06/04/2002

[124] Madda lakk. 43 fi ob. Mohammad Jimma (pireezidanti MMO G/L/Shawaa 28/03/2002, fi ob. Mitiku Qalamaworq, It/G/W/Haqaa G/B/Wallagaa, 07/04/2002, ob. Mahammad Yaasiin B/B pireezidanti MMO G/L/Harargee, 21/04/2002

[125] Gaaffii barreefamaa qaamolee haqaa Oromiyaa guutan, Mudde, 2002

[126] Madda Lakk. 44 namoota kudhan, Mudde, 2002

akka fidee yoo gaafatamu ob. Kabaabbaa Tashomaa namni jedhamu akka itti kenee ibsuudhaan jecha isaa kennee jira.

Gocha kana irratti qorannaan adeemsifame laafaa ta'uusaa kan argisiisuu: halkan keessaa sa'atti 6:30 dhaan maaliif hoteela afoo akka dhabatuu fi poolisii arginaan maaliif akka baqatee qorannichi wantii ibsee hin jiru. Karaa biratiin ammoo naamni meeshaa ofisaatiif hidhate nama biratti dabarsee kennu akka hin danda'amne beekamaadha. Haa ta'utii, qorannaa kana keessatti ob. Kababbaa Tashomaa himatamaa ta'uu osoo qabu hafee jira. Kanuma wajjin qaamni meeshaa lakkofisa hin qabneef hayyama keneesi qorannaa kana keessatti himatamuu osoo qabu laafinsa qorannaa irraa kan ka'e hafeera.[127] Kanaafu, adeemsa tooftaa saffisaatiin murtii ariifachisaa kennisifnaa jechuun sadarkaa qulqullina qorannaa cabsuun kan mul'atee ta'uusaa irraa dabree hanqinni dandeetti ogummaa qaamolee qorannaa geggeessaa jiran birattis kan mul'ate ta'u qo'annoo kanaan arguun danda'ameera.[128]

3.2.3. Hanqinna Mana Murtti Biratti Mul'atan

Akkuma galmee raawwii qorannaa keessatti hanqinni mul'ate gama mana murtii ttiinis hanqinnooni tokko tokko kan jiran ta'uusaa qo'annoon kuni mul'dhisee jira. Haaluma kanaan, himannaa A/alangaa fi himatamaa kan ta'e ob. Maammoo Oliqaa irratti himannaa yakkaa dhoksuu ilaalichisee akka galmee irraa hubachuun danda'ametti sibila hatamee foonaa isaa keessatti poolisiin kan qabee ta'uusaa yoo ibsuu, galmee qorannaa irratti garuu abbaan sibilii kun jalaa bade eenyuun akka ta'e manni murtii waan qulqulleesse hin jiru. Himatamaanis jecha keneen sibilii kun kiyyaa, himannaan natii dhiyaatee sobaa waanta'eef M/Murtii bilisummaa kiyyaa naaf dhugoomsuu qabaa osoo jedhee mormaa jiru, adabbii hidhaa waggaa tokko itti kennamee jira. Asirratti, wanti hubatamu qabu abbaan siibila kanaa kan hin dhiyaanee ta'uusaa fi M/Murtiis dhimma kana qulqulleessuuf tarkaaniifiin fudhatee galmee irra kan hin jire ta'uusaa tti.[129] Adeemsa tooftaa saffisaa irratti murtiin

[127] A/Alangaa Vs Sisaay Zawuduu, (MMA Haqaaqii, lakk. G.Y. M/D/00086/2002) (kan hin maxanfamne)
[128] Hubannoo dhuunfaa qo'ataan kun galmee ilaalee irraa, Mudde, 2002.
[129] A/Alangaa Vs Mammoo Oliqaa, (MMA/magaalaa Naqamte, lakk. G19366 (kan hin maxanfamne)

ariitiidhaan kan kennamu waan ta'eef, ragaa dhiyaatee yeroo sana keessatti madaalani murtii seeraa kennuu irratti hanqinni M/Murtii biraa kan jiru ta'uusaa adeefameera.[130]

Kana malees, himatamaan ragaa ittisa nan qabaa jedhee osoo M/Murtiitti iyyachaa jiru, mirga ragaa ittisa dhageesifachuu seerran eegame calisani bira darbuun murtii kennuun kan jiru ta'uusaa mul'ateera.[131] Akkasumas, himatamaan ob. Fiqaaduu Ratta jedhamu magaalaa Naqamte keessatti qarshii hate wajjin harkaaf harkaatti qabamee dhimmi isaa tooftaa saffisaadhaan akka ilaalamuu ragaa waliin dhiyaatee osoo jiru M/Murtii mirga wabii waan hayyameef himatamaan kun wabii qarshii qabsisee achumaan bade jira.[132]

Walumagalatti, tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa hojiirraa oolchuu keessatti hanqinoonni gama M/Murtiittiin mul'atan kun raawwannaan tooftaa kanaa ulaagaa ifa ta'e kan hin qabne waan ta'eef guutumaan guutuutti rakkoo M/Murtiitti jechuuf rakkisaa ta'uullee darbee darbee abbootii seeraa tokko tokkoo biratti rakkoon naamusaa gonkumaa hin mul'atuu jechuun hin danda'amu. Bakka qaawiin kun jirutti poolisii fi A/Alangaa dhimma yakka dhiyeessan tooftaa kanaan akka ilaalamuuf fedhii qaban irraa kan kaa'e; M/Murtii irratti komii kaasaa akka jiran qo'annoon kanaan hubachuun danda'ameera. [133]

[130] Gaaffii afaani ob. Manzaa Jamjama It/G/W/Haqaa Aanaa Loomee, 23/03/2002

[131] Gaaffii afaanii ob. Mahaammad Jimmaa waliin godhame pireezidanti MMO G/L/Shawaa, 28/03/2002

[132] Gaaffii afanni Ins. Misgaanuu Taradaa, Ajaja poolisii M/Naqamte aanaa 1ffaa 06/04/2002 waliin kan geggeefame.

[133] Gaaffii afaani ob. Mohaammad Yaasiin waliin godhame (B/B PMMO G/L/Harargee, 21/04/2002 fi hubannoo dhuunfaa qo'ataan qabu irraa.

BOQONNAA AFUR

4. Guduunfaa Fi Yaada Frumaataa

4.1. Guduunfaa

Akkuma beekamu adeemsi dhagaha falmii yakkaa waggoota sadiin duraa turee dhimmoota yakkaa dhiyaatan hundaa adeemsa bifa tokko ta'een geggeefamaa kan tureedha. Adeemsichi ammoo seeraa adeemsa falmii yakkaa bara 1954 bahee irratti kan hundaa'e waan ta'eef, adeemsi isa yeroo dheeraa kan fudhatu fi tajaajilamtootaaf mijaa'a hin turee. Akkasumas adeemsi raawwii isaa barataman kan hojjatamuu waan ta'eef, kuufamni galmee akka dabalaa deemuu godhee jira. Yeroo ammaa jijjiramni teknalojii fi jireenyi hawaasumaa walxaxaa adeemuu keessatti ummaani fedhii haqaa saffisaa ta'e turtii malee bakka barbaachaa jirutti fooyyaa'insa sirna haqaa fiduun dirqama waan ta'eef, mootummaan bara 2000 irraa eegalee tooftaa dhagaha falmii yakkaa haala saffisaa ta'u danda'uun qaamolee haqaa (M/Murtii, A/Alangaa fi poolisii) keessatti diriirsee jira. Mallii kunis, tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa (Real Time Dispatch Technique In Criminal Proceedings) maqaa jedhuun kan moggaafameedha. Tooftaan kun erga hojiirra oolee kaasee haalii raawwanaa isaa maal akka fakkaatu sakkata'uun murteessaa waan ta'eef qo'annoon akka irratti adeemsifamu godhame jira.

Haaluma kanaan, tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa seera deemsa falmii yakkaa irraa wanti adda isaa godhuu tooftaa ta'uusaatti. Tooftaan kun hojii irra akka ooluu yeroo godhamu qulqullina murtii osoo hin tuqiin mala adeemsa dhagaha falmii yakkaa saffisaa ta'u itti danda'u kan uumeedha. Adeemsa kanaan hojii qorannaa yakkaa duraa keessatti poolisii fi A/Alangaa biratti kophaatti kophaa hojjatamaa turee bakka tokkotti akka hojjatamu fi sadarkaan dhagaha falmii duraa akka hafuu kan godheedha. Akkaataa adeemsa kanaatiin, dhimmoota yakkaa salphaa ta'anii fi yakkaa harkaaf harkaatti raawwatame irratti raawwannaa kan qabuu yoo ta'u, yakkootti walxaxaa fi ciccimmoo ta'an adeemsa falmii idileedhaan geggeefamaa jiru. Kanaaf, adeemsi tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa dhagaha falmii yakkaa haala walitti fufinsa qabun akka xumuramuu mala gargaran keessaa isaa tokkodha. Kana malees, adeemsi tooftaa saffisaa kun dhagaha falmii idilees saffisaa akka ta'u deegarsa ol'aanaa ta'e gochaa kan jirudha jechuun ni dnada'ama.

Biyyooti adeemsa tooftaa saffisaa falmii yakkaa hojiirra oolchan fi muuxannoon isaan biyya keenyaaf fakkeenyummaa kan qaban kan akka Faransaay fi UK ilaamani jiru. Haaluma kanaan, tooftaan kun biyya Faransaaytti maqa "Conzpartition Immediate" jedhamuun kan beekamuudha. Faransaay tooftaa kana kan fayyadamtu yakka harkaaf harkaatti raawwatameef ta'ee; qorannaan kan eegalamuu poolisii fi A/Alangaa waliin ta'e toofticha hojiirra oolchuu keessatti ulaagaa mataa isaa danda'e itti baaftee jirti. Ulaagaaleen kunnis, gochii yakkaa raawwatamee sun hidhaa hanga waggaa turbaa ol kan hin adabsifne ta'u qaba. Dhimmichii tooftaa kanaan akka ilaalamuu murteessuuf aangoon kan kenameef himatamaadhaaf. Qorannaan isaa hanga guuyaa shan (5) tti xumurame murtiif dhiyaachu akka qabu ifatti lafa ka'ani jiru; guyyaa kanaan booda garuu, gara falmii idileetti waan naanna'uuf dhimmoonni adeemsi falmii duraa keessatti raawwatamu qabu akka itti fufuu godhama.

Kana malees, guyyoota shanan kana keessatti himatamaan too'annaa poolisii jala akka turuu godhama. Biyyi UK tooftaa kana: "The next day Justice or charge" jetee yoo waamtuu, tooftaa kana akka fayyadamtuu dhimmi ishee dirqisiisee dhagaha falmii yakkaa yeroo dheeraa fudhachaa kan turee waan ta'eef qaamolee haqaa biratti galmeen ni kuufama turee; kuufama galmee qaban kana salphsuuf jecha bara 2004-2008 keesaa tooftaa kanaatti erga fayyadamtee booda gara "plea Bargaining " tti deebi'tee jiriti. Asirratti muuxannoo biyya UK kana irraa wanti hubatamu tokko akkuma biyya Farnasaay ulaagaalee adda addaa kan qaban ta'uusaatti. Innis, gochi yakkaa rawwatamee salphaa fi ifaa ta'uu qaba; yakkii sun hanga hidhaa waggaa tokkotiin kan adabsiisuu yoo ta'eef himatamaan adeemsichaa fudhachuu isaatiif waliigaltee isaa fedhiin kan ibsee ta'u qaba. Himatamaan abukaattoo isaa waliin ta'uudhaan abbaa alangaa waliin kan waliigalee yoo ta'e, murtiin dhummaa guyyaa dhuma sana ykn guyyaa itti aanuutti kan kennamuu waan ta'eef, murtii haqaa guyyaa itti aanuutti laatamuu (the next day justice) jechuudhaan maqaa kana kan magoosaniif kanuma irraa ka'uudhaan akka ta'e beekamaadha.

Muuxannoo biyyoota kanaa irraa ka'uudhaan kan biyya keenyaa kan madaalu yoo ta'e, tooftichi adda dureedhaan yakka harkaaf harkatti raawwatamee irratti raawwanaan kan qabu ta'e; himatamaan achumatti yoo qabamee fi ragaan ifa ta'es kan jiru yoo ta'edha. Haa ta'utti, ulagaaleen biyyooti lamaan baafatanii itti hojjachaa jiran biyya keenyaatti tooftaa

kana waliin ifatti kan hin teenyee wanta ta'eef dhabamuun ulaagaa kanaas naannoo keenya keessatti burqaa rakko ta'etti mul'achaa jira.

Ulagaaleen murteessaa ta'an kana keessaa tooftaa kanaan fayyadamuun kan danda'amu gocha yakkaa hidhaa hanga waggaa meeqaa adabsiisuuf akka ta'e wanti ifatti ta'ee naannoo keenyaatti kan hin jire yoo ta'u; dhimmi yakkaa tooftaa kanaan ilaalamu erga raawwatamee kaasee hanga guyyaa meeqaatti kan turee ykn hanga murtiin kenamutti guyyaa meeqaaf turuu akka danda'u; akkasumas, yeroo sana keessatti himatamaan haala maaliin akka turuu qabu fi dhimmi isaa tooftaa kanaan akka ilaalamu murteessaan himatamaa dha ammoo qaamolee haqaatti kan jedhuus biyya keenya keessatti adeemsi raawwii isaa ifamiti. Haalii kun ammoo poolisii fi A/Alangaa dhimma hundaa gara tooftaa kana tti akka dhiibaan gochaa kan jiru yoo ta'u; M/Murtii gaaffii kana yeroo tokko tokko fudhachuu waan diduuf waldhabdeef sababa ta'e jira. Dhimmii tokko guyyaa meeqaa keessatti yoo dhiyaate ykn erga dhiyaatee guyyaa meeqaa keessatti tooftaa kanaan ilaalamu akka qabu, ulaagaan ifatti ta'e dhabamuu isaa irraa kan ka'e raawwii irratti qaamoleen haqaa waliigaluu hin dandeenyee.

Akkuma silaa jedhame, tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa dhimma dhiyaatee tokko irratti yeroo gabaabaa keessatti murtiin akka kennamuu tooftaa gargaruu keessaa isaa tokkoodha. Haa ta'utti, tooftaa kun mirgoota himatamaa heeraafi sandoota waliigaltee mirga namoomaa addunyaa keessatti beekamiti argatan kan dhiiphiisuu ykn kan dhiibuu ta'uusaa qo'annoo kanaan mirkanna'ee jira. Kunnis, yeroo yakkii raawwatamee kaassee hanga murtiin kennamutti yeroon jiru baay'ee xiqqaa waan ta'eef, himatamaan ragaa ittisaa qabu dhiyeefatee mormuudhaaf yeroo hin qabu. Akkasumas, abukaattoo filate mariisisuuf yeroo waan hin qabneef bataluma qabamee kaasee qornannaa fi adeemsa dhaddachaatiin akka dhiiphatuu kan godhamuu waan ta'eef tasgabaa'e yaaduuf illee yeroo hin argatuu. Himatamaan ragaa itiisaa dhiyeefachuuf yeroon beellama akka eeyyamaamuuf kan gaafatuus yoo ta'e, M/Murtii guyyaa beellama gabaabsanii waan kenaaniif ragaa ittisaa dhiyeefachuuf kan dandeesisuu miti. Kanumaan walqabate yeroon beelamaa kennamaa jiruus yoo ta'e, godina tokko irraa gara godina biratti fi aanaa tokko irra gara aanaa birootti haala walfakkaatuun kennamaa hin jiru. Kana biraanis yeroo beellama kana keessatti mirga wabii kan dhorkamu waan ta'eef maqaa tooftaa saffisaatiin hidhaa jala turee murtiin akka itti kennamuu godhama jira. Bakka tokko tokko tti ammoo dhimmichi dhagaha ragaa ittisaaf

kan beellamamuu yoo ta'e, mirgii wabii isaa kan eegamuu ta'uusaatti. Kanaafu, dhabamuun ulaagaalee kanaa rakkoo raawwii keessatti uumamaa jiruuf kaa'uumsa cimaadha jechuuf ni danda'ama. Kana malees, qulqullina qorannaa yakkaa irrattis dhiibbaa kan qabu yoo ta'u, gama M/Murtiinis hanqinni adda addaa akka calaqisuu uulaa bannee jira.

4.2. Yaada Furmaata.

- ✓ Adeemsi tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa mala haaraa hojiirra oolee waan ta'eef raawwannaan isaa haala ifa ta'een akka adeemuu qajeelfamni kan itti bahuu otoo ta'e dhiibbaa mirgoota himatamaa irratti uumamuu danda'u hagam tokko akka salphatuu gochuun ni danda'ama.

- ✓ Adeemsi kun murtii saffisaa kennuuf kan tajaajiluu haa ta'uuiyyuu malee haala ariitiidhaan yammuu geggeefamu qulqullina murtii fi qorannaa irratti dhiibbaa fidaa waan jiruuf ulaagaan tooftichii ittiin geggeefamu qabu kan qophaa'uuf osoo ta'e; dhimma qorannaa kana keessatti hanqina dandeetiis kan calaqisuu waan ta'eef ogeessooti cimoo ta'an dhimma kana irratti ramaduudhaan leenjii addaa kan kennamuuf osoo ta'e hojii bu'aa qabeessa ta'e akka hojjatamu gochuun ni danda'ama.
- ✓ Akka biyyoota biroo ulaagaaleen tooftaa kenaaf barbaachisaa ta'an hundii bifa seeraatiin ykn qajeelfamatiin akka bahan osoo godhame rakkoo qaamolee haqaa jidduutti uumamaa jiruuf furmaata ta'u ni danda'a. Ulaagaaleen kunnis:-
- ✓ Dhimmaa yakkaa tokko adeemsa tooftaa kanaan ilaaluuf gochi yakka hidhaa hanga waggaa meeqaa kan adabsiisuuf raawwannaa akka qabaatu daangaan osoo godhamee;
- ✓ Yakkii tokko erga raawwatame kaasee hanga guyyaa meeqaatti yoo dhiyaate fi erga dhiyaatee ammoo hanga guyyaa meeqaatti yoo turee tooftaa kan ilaaluun akka danda'amuu fi hanga murtiitti himatamaan haala maaliin akka turuu qabu osoo ifatti ta'e.
- ✓ Dhimmi yakkaa tokko tooftaa kanaan akka ilaalamu murteessuuf aangoon kan qaama kamii akka ta'e (kan M/murtii, A/Alangaa himatamaa) ta'uusaa seerii ykn qajeelfamni ifatti lafa kaa'uu osoo jiraatee raawwii tooftaa kanaa daraan akka cimuu gochuun ni danda'ama.
- ✓ Ulagaaleen barbaachisaa ta'an kun haala ifa ta'een kan bahaan yoo ta'e garaagarmmaa raawwii qaamolee haqaa biratti uumame dhiiphiisuun ni danda'ama. Kana malees, hojiin hojjatamuu haala waliigaltee irratti hundaa'een akka adeemsifamuu shoora ol'aanaa ta'e taphachuu ni danda'a.

MADDAWWAN

TARREE KITABBOOTAA FI BARREEFAMOOTA WABII

I. Kitaabota

- Cole, George F, Marc G. Gertz (1992). The Criminal Justice System: Politices And Policies, 7th ed.U.S.A., Wodsworth Publishing Co.
- Jonh N, Ferdico,(2002) Criminal Procedure for Criminal Justice Professional. 8th ed. U.S.A., Thomson Learning Inc.
- Lofave Waye, (2002) Criminal Procedure, Handbook 4th ed, USA, West Publishing.
- Ratanlan And Dhirjdal, (2005) The Code of Criminal Procedure, India. Wadhw and Company Naggur.

II. Barreefamoota

- Kotnik, Sonja, (2004). The Emergence of Abbreviated Criminal Procedure In The Field of Criminal Law. Slovania,
- South African Law Commission, (2001) Settlement Out of Court: A Comparative Study European Criminal Justice System. Germany.
- Tasfaayee Mul'isaa, Mojuulii Tooftaa Saffisaa Adeemsa Falmii Yakkaa, Mojulii Leenjii, Afaamaa, Bara 2000
- _____ Utrecht Law Review. Org. Volume 5, Issue 2;2009
- Eser, Albin, The Acceleration of Criminal Proceeding And The Htm File: Mastricht Fournal of European Comparative Law. 1996

- http://hansard. Millbanksystem. Com/lords/1997/Feb/27/: Delay in the Criminal Justice System.
- www.law.gov.cy/.../ Comparative Analysis of Prosecution System (part II) The Role of Prosecution Services in Investigation & Prosecution Principles & policies.
- http://www.austlii.edu.au/au/journals/UNsW Law J 1/2003/38. htm. the Position of Accused Persons Under the Common Law System.
- http://www.cps.gov. UK/publications/others/horedtapecjs. Html. Making a Differences: Reduceing Bureauracy & Red Tap in the Criminal Justice System.
- http://www.google.com.et/en&sources-2003/3pdf Organization of the Prosecution Service and its Functions in the Criminal Process of France.

III. Seeraa fi Maddewwan Garagaraa

- Heera Mootummaa Feederalaa Itoophiyaa, Nagaarti Gazeexaa, Labsii Lakk. 1/1995
- Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Magalata Oromiyaa, Labsii Lak, 46/2000
- Aangoo Fi Gahee Qaamolee Raawwachiiftuu Deebisan Murteessuuf Labsii Fooyya'ee Bahee Magalata Oromiyaa W. 16ffaa Labsii Lakk. 132/2000
- Seera Deemsa Falmii Yakkaa Mootummaa Federaalaa Itoophiyaa, Nagarit Gazeexaa, Labsii Lakk. 1954
- Waraqaa Qo'annoo, (2001) Hojimaata Bodaa Qaamolee Haqaa Oromiyaa ILQSO/Adaamaa
- International Covenant on Civil & Political Rights, Adapted By UNGA, Geneva, 1966.
- Universal Declaration of Human Rights. 91948)

Tarree Maqaa Namoota Gaaffii Afaani Deebiisan

1. Balchaa Cuqaalaa, Abbaa Seera, M/Murtii Bahaa Shawaa 22/03/2002
2. Adam Galgaloo, Abbaa Alangaa, Qajeelchaa Haqaa B/Shawaa, 22/03/2002
3. Bayanaa Beekumaa, Waajjira Poolisii Bahaa Shawaa, 22/03/2002
4. Aboonash Balaachaw, Waajjira Haqaa Bashaa Shawa, 25/03/2002
5. Mangistuu Dastaa, Waajjira Poolisii Bahaa Shawaa, 25/03/2002
6. Shifaraw Kabadaa, Abbaa Seeraa, M/Murtii B/Shawaa 25/03/2002
7. Yoohaanis Nagawoo, Waajjira Poolisii B/Shawaa 23/03/2002
8. Manzaa Jamjam, Abbaa Alangaa, Waajjira Haqaa B/Shawaa 23/03/2002
9. Yooseef Yaasiin, Abbaa Seeraa, M/Murtii B/Shawaa. 23/03/2002

10. Tolasaa Deetii, Waajjira Poolisii B/Wallagaa, 05/04/2002
11. Dabalaa Abdiisaa, Waajjira Poolisii B/Wallagaa, 05/04/2002
12. Mitikuu Qalamawarqi, A/Alangaa, W/Haqaa B/Wallagaa, 07/04/2002
13. Tasfaayee Mitikuu, Abbaa Seeraa, M/Murtii B/Wallagaa, 06/04/2002
14. Dasaalanyi Itichaa, Waajjira Poolisii B/Wallagaa, 06/04/2002
15. Misgaanuu Taradaa, Waajjira Poolisii B/Wallagaa 06/04/2002
16. Addunyaa Nagaasaa, Abbaa Seeraa, M/Murtii B/Wallagaa, 06/04/2002
17. Asfawu Makonoon, Waajjira Poolisii B/Shawaa, 13/04/2002
18. Fayyeeraa Abbaashuu, Abbaa Alangaa, B/Wallagaa, 05/04/2002
19. Takilu Galataa, Waajjira Poolisii B/Wallagaa, 06/04/2002
20. Tarreessaa Kaasaa, Waajjira Poolisii Lixa Shawaa, 28/03/2002
21. Tasfaayee Wayyeessaa, Abbaa Alangaa, Waajjira Haqaa 28/03/2002
22. Buzunahi Gutamaa, Abbaa Seeraa, M/Murtii L/Shawaa, 28/03/2002
23. Mohamad Jimmaa, Abbaa Seeraa, M/Murtii L/Shawaa, 29/03/2002
24. Kabdaa Gaaramsaa, Abbaa Seeraa, M/Murii L/Shawaa, 01/04/2002
25. Geetachawu Dhabaa, Waajjira Poolisii L/Shawaa, 01/04/2002
26. Qalbeessaa Kabdaa, Waajjira Poolisii L/Shawaa, 28/04/2002
27. Fitsum G/Kirstoos, Himatamaa L/Shawaa, 28/03/2002
28. Tassamaa Birruu, Waajjira Poolisii L/Shawaa, 02/04/2002
29. Faayisaa Shummaa, Abbaa Seeraa, Murtii L/Shawaa, 02/04/2002
30. Mulugeetaa Furgaasa, A/Alangaa, Waajjira Haqaa L/Shawaa, 02/04/2002
31. Mahammad Yoosiin, Abbaa Seeraa, M/Murtii L/Harargee, 21/04/2002
32. Hamiid Finniisoo, Abbaa Alangaa Waajjira Haqaa B/Shawaa, 14/04/2002

33. Saamu'el Kabadaa, Abbaa Seeraa, M/Murtii B/Shawaa, 14/04/2002
34. Abdullahii Mahammad, Abbaa Alanga, Waajjira Haqaa, 20/04/2002
35. Malaakuu Nigussee, Abbaa Alangaa, Waajira Haqaa, 22/04/2002
36. Abiyii Maabiraatuu, Waajjira Poolisii L/Harargee, 23/04/2002
37. Andinat Salamoon, Waajjira Poolisii L/Harargee, 23/04/2002
38. Nigussee Ababaa, Miidhamaa Dhuunfaa, B/Shawaa, 23/03/2002
39. Galataa Doshuraa, A/Alangaa, Waajjira Haqaa B/Shawaa, 24/03/2002
40. Maammoo Oliqaa, Himatamaa, Godina B/Wallagaa, 06/04/2002
41. Tasfaayee Loggassaa, Abukaattoo Dhuunfaa, B/Wallagaa 06/04/2002
42. Bayanaa Margaa, Waajjira Poolisii L/Shawaa, 01/04/2002
43. Sisaay Geetachoo, Waajjiira Poolisii L/Harargee, 20/04/2002
44. Mitikuu Darajee, Waajjira Poolisii L/Harargee, 23/04/2002
45. Mahaammad Rashiid, Miidhamaa Dhuunfaa L/Harargee, 23/04/2002

Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa

Kaayyoo Qo'annichaa

Inistiitiyuutiin leenjii ogeessota qaamolee haqaa fi qo'annoo seeraa Oromiyaa, ogeessotni seeraa naannichaa keessatti argaman beekumsaa fi ogummaa gahaa akka horatan gochuu fi akkasumas rakkoolee qabatamaa hojii keessatti mul'atan irratti qo'annoo gaggeessuun mala furmaataa dhiyeessa kan turee fi erga danbii lak.77199 (magalata Oromiyaan) hundaa'ee kaasee hojii gammachisaa ta'e leenjii dabalee hojjachaa kan jirudha.

Haaluma kanaan mistiitiyuutichii kaayyoo isaa galmaan gahuuf kan danda'u deegarsa qaamolee hqaa kalattiin yoo argatee qofaadha. Kanaafuu, mata duree qo'annoo dhiyaate kanaaf gaaffilee isiin dhiyaatee nu guutuudhaan gummachaa ogummaa akka gootan kabajaan isiin gaafana.

Odeeffannoo Dhuunfaa

Bakka Hojii

*Godina:*_____

Aanaa _____

Gosa Hojii

A/Seeraa ☐

A/alangaa ☐

Poolisii ☐

Gaaffii Barreefamaa

1. Toofitaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa hojii irra oolchuun maaliif barbaachisee jetu?

_____
_____
_____
_____

2. Faayidaa fi bu'aan toofitaa saffisa adeemsa falmii yakkaa maaliin?

_____
_____
_____
_____

3. Faayidaa fi bu'aa kana irraa qaamoleen fayyadaman isaan kami? Akkamitti?

_____
_____
_____
_____

4. Mirga himatamaa fi toofitaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa akkamitti hubatanii ?

_____
_____
_____
_____

5. Mirgi himatamaa wajjin toofitaan saffisaa adeemsa falmii yakkaa kun walitti bu'insa ni qab? mee ibsaa

_____
_____
_____
_____

6. Dhimmota adeemsa RTDn ilaalamuu qaban fi hin qabne addaan baastani ni keektuu? Isaan kami?

_____
_____
_____
_____

7. Deebii gaaffii jahaffaa (6) eeyyee yoo ta'e ulaagaan ykn safartuun akka qajeelfamaa tti ittiin fayyadamtan ni jira? Yoo jiraatee ibsaa?

_____
_____
_____
_____

8. Raawwanaan adeemsa RTD yeroo amma sadarkaa maaliirra jira?

_____
_____
_____
_____

9. Adeemsa RTD ilaalchisee leenjiin fudhatani jira?

_____
_____
_____
_____

10. Adeemsi RTD miidhaan hordofisiisee ni jira?

_____
_____
_____
_____

11. Miidhaan yoo qabaate faayidaa qabu waliin akkamitti walitti araarsaa jirtuu? Isaa kamituu madaalolii kaassaa?

_____
_____

_____

_____

12. Adeemsi RTD kun akka hin milkoofinee qaamni rakkoo uumee yoo jiraate mee ibsaa?

_____

_____

_____

_____

G a l a t o m a a ! !

Gaafii Afaanii Abbootii Seeraa, Abbootii Alangaa Poolisoota, Miidhamaa, Himatamaa fi Abukaattoo Dhuunfaatiin Deebi'an

1. Adeemsa TSAFY guutmmaan hojiirra oolchitaniiru? Yoo hin olchinee maaliif?
2. Adeemsi TSAFY mirga himatamaa ni miidhaa? Mirga himatamaa kamiin daangeessu? Akkamitti fala (furmaata) kennaa jiritu?
3. Raawwii adeemsa TSAFY keessatti rakkoon isiin quunamee ni jira?
4. Ni jira yoo jetan maddii rakkoo kanaa maaliin jeetu?
5. Dhimmoota adeemsa TSAFY tiin ilaalmnii fi adeemsa idileen ilaalmuu qaban addaan baastanii ni beektuu? Maaliin addaan baastuu?
6. Rakkoon karaa qaamolee haqaa uumamee ni jira? Ni jiraa yoo jeetan burqaan rakkoo kanaa maaliin? Rakkoon kun qaama kamii biratti mul'ataa? Sababa isaa ibsa?
7. Adeemsi TSAFY erga hojiirra oolee gocha yakkaa salphiiseera? Akkamitti?
8. Himatamaan gorsa seeraa kiyya nariisisuu malee jecha koo hin kennuu yoo jedhee deebiin keessa maal turee?
9. Mirga murtii ariifachisaa argachuu fi TSAFY akkamti ilaalatuu?
10. Himatamaan himata itti dhiyaatee dursaan ni kennamaafi? Himannii amma waan nagaheef itti hin qophoofine yoo jedhee maal gotuuf? Yeroo beellamaa ni kennituuf?
11. Mirga ofirraa ittisuu fi TSAFY akkamtii hojiiraa oolchaa jirituu?
12. Fuula duraaf maal godhamuu qaba jetu?